Ciniinsuu Da’umsaa

Phoenix, Arizona, USA
65-0124

1 Mee mataa keenya gadi haa qabannu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, har'a nu gidduu jiraachuu Kee duraan dursitee waan nuuf mirkaneessiteef, guddifnee guddifnee Si galateeffanna. Galgala kanas immoo kana irra kan caalu, kana irra kan baay'atu akka nu gidduutti dhangalaaftuuf yaada cabaadhaan si eegganna. Kristaanota dubartootaa warra faarfannaa dinqisiisaa kana nuuf faarfataniif Si galateeffanna; akkasumas Hafuura Kee isa gara keenyatti gadi bu'ee fi hiikkaa afaan haaraa dubbatameefis Si galateeffanna. Yaa Gooftaa, akkasuma akka ta'uuf, si kadhanna. Yaa Waaqayyoo, tokkoon tokkoon keenya adduma addaan akka eebbiftuuf Sin kadhadha, kun utuu ta'uu yuummuu arginutti immoo lapheen keenya gammachuun akka guutamtu Sin kadhadha.

Yaa Waaqayyo jaallatama, Si kadhanna, waare kana booda namni Si asitti Si argachuuf namni hin murteessine yoo jiraate, sa'aatiin kun yeroo itti isaan karaa lammata Dhalachuutiin Sitti dabalamuuf murtee isa dhumaa irra ga'an haa ta'u. Isa kana raawwadhu.

Yaa Gooftaa, hundumaa keenya eebbisi, warra karaa dheeraa deemanii dhufan eebbisi. Dubbii Sagalee Keetiin wanta haaraa akka nu barsiiftuuf Si kadhanna. Yaa Gooftaa, hubannaa isa duraa irra caalu karaa Hafuura Keetii nuuf kenni. Inni dhufee Dubbii Sagalee Kee nuuf haa hiiku. Nama Dubbii Kee nuuf hiiku Hafuuricha duwwaa qabna. Inni har'a isa akka nu biraan ga'uuf Si kadhanna. Kana Maqaa Yesusiin kadhannaa. Ameen.

[Obboleettiin tokko raajii dubbachuu jalqabde. Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.]

2 Inni kun ga'aa dha. [Obboleessi tokko obboleessa kan biraatti dubbataa jira.] Maal yeroon akkasii! Waaqa irra yoo ta'e malee, iddoo kana irra caalu an hin beeku, sababiin isaa, hubadhaa, nuyi amma dibata Sanaan tuttuqamaa jirra, nuyi amma Yesus Kristosiin keessatti iddoo Waaqa keessaa irra teenyee jirra, Waaqa keessatti walitti qabamnee jirra.

Waaqayyo Obboleettii keenya Filooreensiin haa eebbisu! Isheen gaddaa fi dhiphina yaadaa keessa deddeebi'aa jirta; abbaan ishee dhi'eenya duraa fudhatame. Ani immoo, “Yaa Waaqayyo, mucaa sana eebbisi” jedheen kadhadha.

Obboleessa keenya Diimosis ba'aatu saggoo isaa lamaan irra jira, innis immoo ba'aa konfirensii kanaafi wantoota kanaan wal qabatanii ti. Isaafis akkasuma kadhannaan keenya in barbaachisa. Waaqayyo obboleessa keenya Shakariyaaniin haa eebbisu!

Obboleessa koo Kaarli Wiiliyaams, konfirensii kana irratti obbooloota gaggaarii kana hundumaa gidduutti si arguu kootiif gammachuu guddaatu natti dhaga'ama. Carraa namoota muraan wal quunnammuu argadheen ture. Egaa hamman beekutti yeroo ammaa tajaajilli koo gara xumuraa irra ga'eera, maaliif jennaan, amma kanin eegaa jiru namoota gaggaarii sana harka fuudhee isaan wajjin wal arguu akkan danda'u dha, sababiin isaa, isaanii wajjin Bara Baraan Biyya isa caalu sana keessa jiraachuuf dammaqeen eegaa jira waan ta'eef.

3 Amma wanta xiqqoo tokkon isinitti dubbadha, an nama waa hin hubanne akkan hin taane nan abdadha, waan itti yaadamee wal irra akka bu'u taasifame miti, akkas ta'a jedhee hin yaadu, sababiin isaa, taateen sun utuu itti hin yaadamin akka carraa kan raawwate waan ta'eef, innis immoo kennaa kaleessa hiriyaa tokkoon naaf gumaachamee ture dha, hiriyaa koo Daanii Henrii irraa. Inni ijoollee dhiiraa… ture. Guyyaa tokko, konfirensii Kristiyaan Biizines meensi (Christian Business Men's) Kaalifoorniyaatti godhame irratti sagantaan qaban ture. An yeroo sanatti haala yeroo ammaatiin mormeen cimsee dubbachaa ture.

Namni hunduu akkan hammina laphee koo keessaa hin qabne in hubata jedheen abdadha. Akka sana miti. Lakki. Akkaataa sana jechuu koo akka hin taane, dhugaadhumatti isin hubachuuf jirtu. An garuu wanta akkan dubbadhuuf gara koo dhufe dubbachuutu narra jiraata.

Itti aansuudhaan sana booda, mucaan xinnaan kun, obboleessi warra Baaptistii irraa dhufe tokko… Inni fira taatoo fiilmii urjii tokkooti natti fakkaata. Inni gadi dhufee harka isaa ana irra kaa'ee, “Obboleessa koo Branhaam, Gooftaan si haa eebbisu. Amma kadhannaa xiqqoo akka nuuf gootuuf si afeeruun barbaada” jedhe. Achumaanis inni afaan faransaayiin dubbachuu jalqabe. Gurbichi afaan faransaayi jecha tokko iyyuu nama hin beekne ture.

Namni ta'e tokkos ol ka'e, dubartii akka guddoo wayii ti. Isheen…irraa ti. Nan amana isheen Laawusiyaanaa irraa dhufte. Isheen, “Afaan Faransaayii ti” jette.

Achumaanis namni akka goda sanaa taa'ee ture tokkos, “Faransaayiffa” jedhe.

4 Isaanis wanta dubbate sana in barreessan. Amma egaa kunoo hiikkaa barreeffamichaa oriiginaala isaan of harkaa qaba. Sana booda wanti ta'e, namicha dargaggeessa tokkotu gara duubaatii ka'ee waan

isaan barreessan sana ilaaluu waan barbaadeef gara fuulduraatti as adeemaa dhufe. Inni Mootummoota Gamtoomanitti hiiktuu afaan Faransaayi ti. “Dhugaadhumatti afaan Faransaayii ti” jedhe.

Barreefama sana isiniif dubbisuun jaalladha. Kun oriiginaala barreeffamoota sanaa keessaa tokko yoo ta'u, isa namichi sun hiike dha. Tarii maqaa isaa sirreessee waamuu hin danda'un ta'a. Lee Dooksi, Vikter Lee Dooksi kan jedhamu yoo ta'u, inni abbaanis haadhaanis guutummaatti sanyii Faransaayii ti. Egaa, ergichi kunoo ti.

Ati daandii isa dhiphaa waan filatteef, karaa isa ulfaataa, ati filannoo ofii keetii irra deemte, ati murtee sirrii fi qajeelaa fudhatte, innis immoo Karaa Koo ti. Murtee seena qabeessa kana waan fudhatteef, qoodni guddaan Waaqa irraa tokko si eega. Maal murteen ulfina qabeessi ati murteessite! Kun, ofii isaatii, isa kennuuf jiru sana dha, moo'ichi guddaan sun Jaalala Hoodaatiin dhufee akka raawwatus in godha.

Yeroon isa…Akkuma isin beektan, yeroo namoonni afaan haaraa haasa'uu isaanii dhaga'etti, an waan tokko illee hin ceephaane, hubadhaa, sababiin isaa inni dhugaa (genuine) akka ta'e hubadheera waan ta'eef. Garuu, garuu yeroo hundumaa dinqiisafamaa dha. Garuu yeroo inni sun ta'etti, ergamni dudduuba isaa jiru maal akka ta'e beekuudhaan, inni Waaqayyo biraa akka dhufe nan bare.

5 Sana booda, obboleessi isaa as taa'ee jiru, abukaatoo baay'ee beekamaa kan ta'e, kennaa wayii Daanii irraa dhufe naaf kenne. Daaniin amma Lafa Qulqullaatii ka'ee dhufaa jira. Inni awwaala Yesus yeroo du'e keessa ciibsame keessa ciisaa ture. Yeroo kana godhutti na yaadni koo akka isa qabe dubbate. Hafuurri Gooftaa isarra buunaan ka'ee gara Gaara Qaraaniyoo iddoo fannoon Gooftaa itti raawwatame deemee, cabduu dhagaa tokko argate. Inni deebi'ee dhufee faaya qabsiiftuu harka wayyaa (cuff links) cimdii tokko dhagicha irraa naaf tolche. Anis qabsiiftuu sana baay'een jaalladha.

Egaa amma, isa kana, dhugaadha kana Daaniin hin beeku. Garuu, ganama har'aa, yeroo bakkeetti kadhannaa irra turretti, calliseen gadi jedhee qabsiiftuu shamizii sana ilaale, yoo in yaadattu ta'e, lamaan isaa iyyuu dhiigi kan itti dibame dha, akkasumas immoo sarara qajeelaa tokkotu lamaan isaa keessa darba. Asitti immoo inni, ergicha keessatti daandii qajeelaa fi dhiphaa Waaqayyo biraa kenne. Maal inni attam wal sime, dhibbaa dhibbatti! Wanti kun tarii waan utuu itti hin yaadamin qopheeffame (Providential) dha jedheen yaade. Yookiis, Daanii dhugaatti nan galateeffadha. Attam akkan wanta sanatti gammade itti naaf himi, obboleesso. Wanta keessummaa ta'e kan biraan immoo, ganama yeroon shamizii uffachuutti jirutti qabsiiftuu harka shamizii (cuff link) akka naaf laattuuf gaafannaan, isheen, “Anoo qabsiiftuu harka wayyaa siif fidee dhufuu nan irraanfadhe” naan jette, kanaafis Gooftaan waan sana naaf qopheesse.

6 Oo, inni jireenya ulfina qabeessa! Akkas mitii, obboleessaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Callisanii garraamummaa Wangeelaa keessa deemuu dha! Haa ta'u malee, garraamummaa Isaa keessatti, Inni wantan beekuu keessaa humdumaa irra guddaa dha. An waa'ee Isaa waanan beeku tokko illee hin qabu. Inni garraamii taasifamuu Isaatiinis, an carraa gara Isaatti dhufuun argadhe, hubadhaa, kunis danuu ayyaana Waaqayyootiin ta'e.

7 Amma egaa, har'a waaree booda kanatti, yeroo baay'ee fudhachuu hin barbaadu, sababiin isaa galgala kana waldaalee akka deemtan nan beeka waan ta'eef. Isin keessummoonni hunduu gara naannoo waltajjii kanaa as ilaaluu qabdu, tajaajiltoota kanneen ilaalaa, eeyyee isaan tajaajiltoota, Oo, isaan galgala kana tajaajila isaanii keessatti isin argachuutti in gammadu jedheen yaada. Isaan nama gaarii isin taasisu. Ganama har'aa gara mana barumsaa Dilbataa (Sunday school) ta'e tokko akka deemtanii akka turtan mamiin hin jiru. Konfirensii kanneen qabaachaa yeroo jirrutti, Fuul Gospeel Biizinesmeenii waan taaneef, waan dandeenyu hundumaan waldaalee keenya deeggaruu qabna jedheen yaada, sababiin isaa namoonni biizinesmeeniin keenya kan deeman achi waan ta'eefi. Egaa, amma, inni mana Waaqayyoo ti, kanaafis galgala kana waldaalee muraasa in daawwattu jedheen abdadha.

Konfirensiin keenya bor galgala goolabama, nama lallabu beeksisaniiru jedheen amana, nan tilmaamas. Yoo Gooftaan jedhe, anis ergaa isaa dhaga'uuf asittin argama.

Waaqayyo tokkoon tokkoon keessan haa eebbisu.

8 Egaa amma, lallabaa jettanii na hin waaminaa. An nama akka…An lallabaa jedhee of waamuuf nama barumsa ga'aa qabu miti. Lallabaa, yeroo isin akkas jettanitti, isaan diqirii lama kan kolleejjii irraa fudhattan isin irraa eegu. An immoo xiyyee (slingshot) Kana malee homaa hin qabu. Hubattanii? yoon danda'e iddoo dheedichaa isa kan Abbaatti isaan deebisuuf, an hoolota warra dhukkubsatoo duukaa bu'uun yaala.

Yoon dogoggora hojjedhe, naaf dhiisaa. An nama tiyooloojii miti. Ani nama tiyooloojii hin qeequ. Tiyooloojiin rakkoo hin qabu. Inni wanta nu barbaachisu dha. Garuu yeroo tokko tokko haala nuyi keessa seenne nan qeeqa. Sun immoo nama dhuunfaadhaan jechuu miti. Inni dubbatamu dhugaatti Ergaa Isa biraa dhufe dha. Inni kan koo mitiif malee utuun kennuu dhiisee nan hawwan ture. Inni gumaa gumaatti

na ciccira utuun kennuu dhiisee, sababiin isaa, ijoolleen keessan attam akka isinitti dhaga'aman isinuu beektu waan ta'eef. Hubattanii? Mucaa keessan tokko kan ifattaniif, kan sagalee jabaadhaan dheekkamtaniif, yookiin kan waan tokko isa gootaniif waan isa jibbitaniifi, akkasii? Anis akkuma keessan abbaa ijoollee waanan ta'eef, maal jechuu akka ta'e nan beeka. Dhiifa naaf gootu jedheen amana.

9 Egaa akkas akka gootanin barbaada. Waaree booda kana, yeroo as taa'aa jiratanitti, obsaan akka na duukaa buutanin isin gaafadha. Yaadannoo xinnoo, waan gabaabduu wayiin of harkaa qaba. Akkuman isinitti himee ture, kana gochuutu narra jiraata, Caafatoota koo barreessee baasuutu narra jiraata. Dur gara caalu kutaa Macaafa Qulqulluu sammuu keessan dubbisan ture, amma garuu hin danda'u. An wal'aansoo jajjabaa baay'ee keessa waan darbeef, akka duraa sana ta'uu akkan hin dandeef baay'ee dulloomeen jira. Garuu waaree kana booda yeroo xiqqoodhaaf, waanan gadi qotuuf deemu kana dhugaadhumatti yaada garaa keessanii bantanii isa hubachuudhaaf, na dhaggeeffattu jedheen amana. Itti aansuudhaan, akkan yaadutti, keessumaa magaalaa kana keessatti paasterii iddoo garaa garaa warra taataniif, inni caalmaatti barbaachisaa dha jedheen yaada. Sirriitti qalbii guutuudhaan dhaggeeffattu jedheen amana.

Amma egaa akkas gootu, akka isa yeroon firii cheerii (cherry) nyaadhu godhuu gootu, inni muduraan baay'ee jaalladhu dha. Nyaata foonii keessaa baay'isee kanan jaalladhu foon indaaqqoo tti. Garuu yeroon firii cheerii jaadhuttti yummuu ija isaa bira ga'utti, cheerii koo nyaachuu hin dhaabu. Ija isaa keessaa baasee gateen cheerii koo nyaachuu itti fufa. Hubattanii? Yummuun lafee foon indaaqqoo bira ga'utti laficha foon sana darbadhee hin gatu. Foon dhiiseen laficha darbadhee gata.

Kanaafuu, yeroo kamitti iyyuu haa ta'uu, yoon wanta isin irratti walii hin galle dubbadhu'oo maal gochuu qabdu? Kutaa sana callisaatii dhiisaa. Garuu, sirritti hubattanii yoo ilaaltan foonni gaariin isa lafee qabu dha. Hubattanii? [Amantoonni in kolfan.] Mee inni sanyii dha yoo ta'es akkasuma nan dubbadha, Inni Sanyii taanaan Lubbuu haaraa godhata. Kanaafii dhugaatti jabeessaatii ilaalaa, Waaqayyo immoo isin haa eebbisu.

10 Obboleessi keenya galgala gaaf tokkoo waa'ee dhukkubsatoota iddoo aarsaatti gadi dhiiruu irratti, waan gaarii ta'e tokko dubbatee ture. Wanta gaarii ta'u tokko nan beeka. Garuu nuyi callisnee…asitti toora kadhataa gochuudhaaf har'a hin saganteessine. Obboleessi keenya Ooraal yookiin namni biraan guyyaa konferensiitti toora kadhataa in adeemsisiuu fi hin adeemsisanii isaanii an hin beeku. An isa kana hin beeku. An yeroo lama yookiin sadii yaaleera. Garuu, yeroo baay'ee, yoo namoonni akka ammaa kana sonaan baay'atanitti, sana raawwachuuf kaardii kadhataa hiruu qabdu. Sababiin isaa, hin dandeessan waan ta'eef. Kun iddoo do'ii miti. Inni mana Waaqayyoo ti. Hubattanii? Inni kanaaf kan kenname dha. Nuyis…Isaan wal dhiibu, wal harkisu. Yoo kaardii isaaniif laattan immoo toora tooraan isaan hiriirsisuu dandeessu.

Kanaafis egaa Biiliin, “Deemee kaardii hiruufii? Namoonni baay'een kaardii kadhataa na gaafachaa jiru” jedhee na gaafate.

An immoo, “Lakki, Biilii. Hafuurri Qulqulluun waan hojjechuu barbaade haa hojjetuu isaaf haa dhiifnu” jedheen deebiseef. Hubattanii? Inni immoo, hubadhaa, Inni tarii bakkuma teessanii jirtanitti amantii ittiin fayyuu dandeessan isin keessatti in ijaara. Hubattanii? Garuu…Hubattanii?

Wangeela keessatti fayyinni hoodaa waan gadi aanaa (minor) dha. Wanta gadii aanaa (minor) irratti immoo gonkumaa xiyyeeffannaa (mager) kennuufii hin qabdan. Isa kana namni kam iyyuu in beeka. Garuu isaan…Inni nyaata nama dura qabanii akka namni Jiraachuu isa hundumaa danda'uu, nama gidduu Jiraachuu Waaqayyoo namni akka amanuuf godhanii dha, Inni hundumaa gararraa jiru nu gidduu jira. Egaa yeroo sanatti, Inni isaan gidduu Jiraachuu Isaa yoo baran, amantiidhaan, Isatti amanuudhaan isaan in fayyu.

11 Amma egaa Dubbii Sagalee Waaqayyoo, Kakuu Haaraa keessaan dubbisuu barbaada. Sana booda barreeffama Kakuu Moofaa keessaa fudheen, caaffata kana irratti mata duree waaree booda kanaaf ta'u fudheen yeroo gabaabaadhaaf isinii wajjin tura. Tajaajila galgala kanaa keessatti yeroo dheeraa isin tursuu hin barbaadu. Garuu yaadadhaa, an ofii koo qulqulleesseera jedheen abdadha. Yoo fedha keessan ta'e, yeroo gabaabduudhaaf xiyyeeffannaa isatti kennaa.

Egaa amma, kana gochuu keenyaan dura mee mataa keenya gadi haa qabannu

Ni beektu, baay'ee faarfachuu dandeenya. Hamma sagaleen nu duudutti baay'ee iyyinee ililchuu dandeenya. Yeroo sirrii hin ta'initti faarfannee, yeroo sirrii hin ta'initti iyyinee ililchuu dandeenya. Garuu wanta tokko hubadhaa, yeroo kadhannutti gonkumaa toora (order) keessaa ba'uu hin qabnu. “Lafa kadhata godhattanitti immoo warri dhiiraa yaada dheekkamsaa fi qoccollootiin utuu hin ta'in, yaada qullaa'aadhaan harka isaanii ol kaasanii akka kadhatan nan barbaada.” Yookiis…

12 Yaa Abbaa, namni foonii ija isaa wal irra buufatee, garaa isaa bane Sitti dudubbachuun carraa guddaa isa daangaa hin qabne dha. Ati akka nu dhageessu nuyi yoo amanne, akka nu dhageessu in

beekna. Yesus, “Waanuma isin Maqaa Kootiin Isa kadhattan Abbaan isiniif in kenna” jedheera'o. Innis immoo haala irratti kan hundaa'ee dha, haalli sunis yoo in mamna yoo ta'e kan hin raawwanne ta'e. Kanaafis, yaa Abbaa, amanuu akka dandeenyuuf nu gargaari, iyyati keenya galgala kanaa akka nuuf fudhatauuf nu gargaari. Iddoo kamitti illee gaadidduun mamii hin jiraatin. Wanti nuyi Si kadhachaa jirru nuuf haa raawwatu. Yaa Waaqayyo, guddinni Maqaa Keetii har'a akka ulfeeffamuuf, lubbuun badanii faffaca'anii jiran hunduu iyya sagalee keenyaatiin, yookiin iddoo teeppiin waraabame kun guutummaa biyya lafaatti, lafa warra Waaqayyoon hin beeknee iddoo inni qaqqabu hundumaatti, gara Mootummaa Keetti kan isaan fidu haa ta'u.

Yaa Abbaa Waaqarra jiraattuu, guyyaa har'aatti name murtee murteessuu hin dandeenya nu gidduu akka hin jiraanneefan Si kadhadha. Yeroo taajilli kun xumuramitti, yaa Gooftaa lubbuu bade hundumaa oolchi, nama dhukkubsate hundumaa fayyisi, ijoollee Isaas gammachuudhaan guuti. Yaa Gooftaa, sababiin nuyi amantii qabnuufis isa kana, innis Maqaa Yesusiin Abbaa keenya Waaqayyoon kadhachuu dha, sababiin isaa, Inni isiniif in dhaga'a jedhee Inni kakuu nuuf galeera waan ta'eef. Kunis immoo ulfina Isaatiif haa ta'u. Ameen.

13 Wangeela Yohannis boqonnaa 17ffaa, lakkoofsa 21ffaatii jalqabeen barreeffama har'aatiif dubbisuu fedha. Inni Sirrii dha jedheen yaada.

Isaan kana duwwaadhaaf miti, warra dubbii isaanii dhaga'anii anatti amananiifis immoo nan kadhadha malee.

Isaanis…

Iddoo sirrii hin ta'in keessaa akkan dubbisaan jira, nan amana. Egaa amma, dhiifama yeroo xiqqoodhaaf. Kanan barbaada jiru kadhannaa Yesus…Kadhannaa Yesus utuu hin ta'in, isa Inni…Tarii dogoggoraan barreeffama koo kana irratti qabadhe ta'uu hin oolu. Inni ta'uu kan qabu kadhata Yesus isa…yookiis isa Yesus waa'ee dubartii yummuu mucaa da'uuf jettu ciniinsifattuu, waa'ee mucaa da'uu dubbatee ta'uu qaba ture.

Inni Luqaas moo Yohaanis keessatti? Jaaki, inni kam keessa jira? [Namni ta'e tokko, “Yohannis 16” jedhe.] Yohaannis 16. Inni sirriidha jedheen yaade, garuu innis hamma tokko sirrii natti hin fakkaatu. Yahaannis 16. [“Lakkoofsa 21.”] Lakkoofsa 21ffaa. [Namni kan biraan, “sirrii dha” jedhe.] Sirriidha, lakkoofsa 21ffaa dha. Sirrii dha. Kunoo nurkaa fudhaa. Yohaannis, Wangeela Yohaannis 16:21.

Isaanis…

14 Lakki, obboleessa koo Jaak, inni amma iyyuu dogoggora. [Namni ta'e tokko, Yohannis lakkoofsa 21 yaali“ jedhe. Namni kan biraanis, ”21“ jedhe. Namni kan biraan, ”Boqonnaa 16 lakkoofsa 21“ jedhe. Namni kan biraan, ”16“ jedhe.] Inni digdamii…16:21. Yohannis boqonnaa 16 lakkoofsa 21 argadheera. Garuu inni…An sirriidhaa? [Obboleessi tokko, ”Mee iddoo isaa sittin agarsiisa“ jedhe.]

Tole egaa gaarii dha, isa kana kessa wanta wal dha'etu jira, Macaafa Qulqulluu kana keessatti wal makeera. Tole, gooftaa. [Obboleessi tokko, “Isaantu dogoggora maxxanse” jedhe.] Isaantu dogoggoraan maxxanse. Tole, gooftaa. [Amantoonni in kolfan.] Maal akka ta'e beektuu? Wanti inni jedhe dhugaa dha. Inni kun biraandii Macaafa Qulqulluu isa haaraa ti. Dhi'eenya kanan argadhe. Dhi'eenya kanan argadhe. Inni… Inni digoggora maxxanfame. [Macaafni Qulqulluun Iskoofiildiin (Scofield Bible) inni kan Obboleessa keenya Branhaam fuulli 1138-1139 walitti kan qabsiifame dha. Kunoo Har'a Caaffanni Kun Fuula Keessan Duratti Raawwatame 65-0219.]

[Lubni Kaatolikii tokko gara waltajjiitti dhufaa jira, Lubni Joon S. Istaanliin gara fuulduraatti ba'ee Macaafa Qulqulluu isa kan isaa obboleessa keenya Branhaamitti kennaa, “Xiqqoo afuura fudhadhu. Inni sababa akkas ta'eef qaba, asitis in beekta. Kana keessaa waan tokko akka baaftuuf sitti in agarsiisa, inni waan dinqisiisaa dha” jedhe.] Tole gaarii dha. [“Obboleessa koo, callisiitii kan koo kanatti fayyadami.”] Galatoomi. Baay'ee galatoomi. 16:21. Baay'ee galatoomaa. Wanti inni jedhe dhuguma.

Dubartiin…

Dhuguma dhuguman isiniin jedha; isin in boossu in wawwaattus; biyyi lafaa garuu in gammada; isin in gadditu, gaddi keessan garuu gammachuutti in geeddarama.

Dubartiin ciniinsifattu yeroon ishee waan ga'eef in gadditi; mucaa erga deessee garuu, namni biyya lafaatti waan dhalateef, gammachuu irraa kan ka'e rakkina ishee sana hin yaadattu.

Obboleessa koo, baay'ee galatoomi. Dhugaadha sana nan ajaa'ibsiifa dha. [Obboleessi keenya Branhaam Macaafa Qulqulluu lubichaaf deebise.]

Egaa amma, dhugaadhumatti maxxansa dogoggoraatu Macaafa Qulqulluu kana keessa jira; fuula isaati doggogoraan barreeffame. Yaadannoo kanan qabadhe Macaafa Qulqulluu Iskoofiildii (Scofield) koo isa durii irraati, haa ta'u malee isa kana butadheen asitti ol qaari'e, innis, dhi'eenyuma kana haati manaan

koo kennaa Ayyaana Qilleetiif kan naaf laatte dha.

15 Egaa amma, waaree bodaa kanatti mata dureen isin beeksisee ture: Dhukkubbii da'umsaa, kan jedhu irrattin dubbadha. Egaa, jechichi miira namaatti kan hin tolled ha, garuu Macaafa Qulqulluu keessa jira.

Nan amana, Yesus, “Isin in gadditu, gaddi keessan garuu gammachuutti in geeddarama” jedhee bartoota Isaatti dubbachaa kan ture, Kristaanummaan dhalatee argamuuf dhi'aachaa akka jiru waan beekuuf dubbate. Egaa inni haaraan dhalachuuf, inni moofaan du'uu qaba. Wanti dhala godhachuuf jiru hunduu dhukkubbii rakkinaa qaba. Isaan dhugaadhumatti seeraa irraa gara ayyaanaatti dhufuudhaaf dhukkubbii rakkinaa fi dhiphinaa keessa keessa darbaa turan.

Uumamni, dhalachuun uumamaa Dhalachuu Afuuraatti fakkeeffama. Wanti uumamaan argamu hunduu kan hafuuraatti fakkeeffama. Lafa kana irra yoo ilaallee, biqilaa lafa irratti in argina, biqilaa guddachaa jiru jireenya isaa itti fufsiisuuf wal'aansoo irra jira. Kunis kan agariisuuf jedhu muki hin duune tokko iddoo ta'e tokko jiraachuu isaa ti, sababiin isaa inni waan ta'e tokkoof wawwaataa jira.

Hamman haa dulloomanii, hammam haa dhukkubsatanii, haala kamiin keessa haa jiraatanii, namoonni jiraachuuf jedhanii iyyu, sababiin isaa, kun kan agarsiisu iddoo ta'a tokko, iddoo bara baraan jiraannu jireenyi jiraachuu isaa ti. Attam waan hundaan guutuu akka ta'e qalbeeffadhaa.

16 Egaa amma, yoon doggoruu baadhe Ergaa Yohaannis Isa Duraa 5:7 irratti, “Waaqa irratti dhuga-baatuu sadiitu jira. Isaan kunis Abbaa, Sagalicha fi Hafuura Qulqulluu dha; isaan kun sadanuu tokko. Lafa irra dhuga-baatuu sadiitu jira. Isaan kunis Hafuuricha, bishaanichaa fi Dhiigicha; isaan kun sadanuu sagalee tokkon dhugaa ba'u (sadanuu tokkotti walii galu.)” jedha. Amma qalbeeffadhaa. Warri duraa sadanuu tokko. Warri sadanii lammaffaan warra lafa irraati, isaanis tokkotti walii galu (agree in one.) Ilma Isaatiin malee Abbaa qabaachuu hin dandeessu; yoo Hafuura Qulqulluu utuu hin qabaatin Ilma Isaa qabaachuu hin dandeessu. Garuu Dhiigicha utuu hin qabaatin bishaan qabaachuu dandeessa, Dhiigichas Hafuuricha utuu hin qabaatin qabaachuu dandeessa.

Akkan yaadutti, dhugummaan wanta kanaa bara keenya kana keessa mirkaneeffameera; bishaanni, Dhiigichi fi Hafuurichi wal duraa dubaan qajeelummaa, qulqullummaa fi cuuphaa Hafuura Qulqulluu ti. Inni kun kan itti fakkeeffamu…yookiin fakkeenyummaa kan argate, akkaata dhalachuu isa karaa uumamaa irraa ti.

17 Yummuu dubartiin da'uuf ciniinsifattu ilaalaa. Dhalachuu foonii keessatti wanti jalqaba ta'ee darbu cabuu bishaanii ti; wanti lammataa dhiiga; sana booda lubbuu (life) tu dhufa. Bishaan, dhiiga, hafuura; isaan kunneen wantoota namni fooniin dhalatu irraa ijaaramani dha.

Addunyaa Hafuuraa keessattis akkasuma. Inni bishaani; kunis amantiidhaan qajeelaa (justification) ta'uu, Waaqayyotti amanuu, Fayyisaa lubbuu ofii godhanii Isa fudhachuu, fi cuuphamuu dha. Lammaffaan qulqullummaa (sanctification) hafuuraa ti, innis isa Waaqayyo hafuura elementoota biyya lafaa hundumaa irraa fi hawwa biyya lafaa irraa dhiqee qulqulleessu dha. Sana booda Hafuurri Qulqulluun qodaa qulqulleeffame sana dhufee guutuudhaan Dhalachuu haaraa isaaf kenna.

Fakkeenyaaf, kana fakkaata. Egaa, an isinitti himeera. Gara isa itti hin amanuu dadhabdanii dhiisaatii, gara firii isaa nyaadhaa. Qalbeeffadhaa. Egaa, amma burcuqqoo tokkotu kosii indaaqqoo keessa bu'ee jira haa jennu. Buurcuqqoo sana achi keessaa akkuma fuutanitti callistanii minjaala irra keessanii bishaan yookiis aannan itti hin buuftan. Lakki. Achi keessaa isa fuudhuun qajeelummaa (justification) dha. Isa dhiquun qulqullummaa (sanctification) dha, sababiin isaa jechi Griikii 'sanctify' jedhu, jecha danoomaa kan hiikkaan isaa, “kan dhiqamee tajaajilaaf kaa'ame” jechuu waan ta'eef. Tajaajila keessa kan kaa'ame miti, tajaajilaaf kan kaa'ame malee. Sana booda yummuu isin isatti guuttanitti, inni tajaajila keessa in kaa'ama.

18 Amma dhiifama naaf gootu, isin waraanuuf jedhee miti. Isin warri Piilgiriim Hoolinesii, isin warri Naazereensii gara Pheenxeqoosteetti ol guddachuu hin dandeenye. Isin qulqullummaadhaan qulqulleeffamtaniittu; garuu yummuu tajaajilalaaf qopheeffamtanii kaa'amtanitti, yummuu kennaa afaan haaraa fi kanneen birootiif kaa'amtanitti, gadi of darbattan, gaadaa kosii iddoo duraatti deebiftanii isa gattan. Hubattanii? Egaa, wanti ta'e isa kana. Inni yeroo hundumaa isa kana in godha.

Egaa amma, isin qeequuf jedhee miti, garuu wanta kana laphee koo irraa buusuu barbaadeen malee. Wanti kun wanta ergan as dhufee jalqabee garaa na nyaataa ture dha, tarii sichis akkasuman godhan ta'a. Callisee, yoo ayyaana Kaarlii ta'e, yoo kan Diimoosii fi kanneen biroo ta'e, kan hunda keessanii yoo yoo kan warra kanaa ta'e, an hamman danda'etti lubbuu koo oolfachuufan dhama'a, hubadhaa, sana booda isin dhimma keessani.

Wanti uumamaa, kan hafuuraatti fakkeeffama.

Egaa amma, sana booda wanti nuyi arginu, guutummaatti dhalachuu isaa ti. Yeroo baay'ee daa'imni yummuu… Egaa yeroo bishaanichi cabutti hagas mara itti hin dhimmitan. Yeroo dhiigni dhufutti hagas mara itti hin dhimmitan. Garuu, mucaan lubbuu (life) akka argatuuf, xiqqoo kabaltanii akka boo'u gochuu

qabdu. Kunis immoo…Egaa, an nama barate miti, obboloonni koo kun isa kana sirriitti leenji'aniiru, inni kan isaanii ti, garuu an uumamaa wajjin wal bira qabeen dubbadha. Egaa narkaa fudhaa. Inni wanta ta'ee raawwatame dha. Inni gara kanatti isaan fiduuf kaballaa dhugaa kabalame.

19 Egaa, waan xiqqoo wayii, waan nama rifaasisu wayii isin barbaachisa. Tarii daa'imicha kabaluu isin hin barbaachisu ta'a, callistanii akka rifachiisuu gootu. Yaadni yeroo baay'ee fudhatama qabu, yummuu inni dhalatutti kana gochuu dha. Innis, qabiitii isa raasi. Yoo inni hafuura baachuu dide, xiqqoo akka kabaluu godhi, sana booda innuu in boo'a, innuu afaan haaraa kan ofii isaatii dhaga'uun dubbachuu jalqaba. Garuu, waan fedhe iyyuu haa ta'uu, inni sagalee uumaa jira.

Akkan yaadutti daa'imni tokko cal'isaan yoo dhalate, sagalee hin qabu yoo ta'e, hin sosocho'u yoo ta'e, inni daa'ima du'aa dha.

Inni kun egaa rakkoo waldaa bara har'aa wajjin tokko, sirnicha (the system) wajjin tokko; da'imman cal'isaan dhalatan baay'ee danuu qabna. Kun sirrii dha. Hubadhaa, isaan dammaqsuudhaaf, akka of baran gochuudhaaf, Waaqayyo hafuura Jireenyaa akka isaanitti baafatuuf, kaballaa Wangeelaa isaan barbaachisa. Egaa inni kun sirriitti dhugaa akka ta'e in argina. Inni tiyooloojii dikita (crude) ta'e dha, garuu waanuma fedhefuu, inni Dhugaa dha.

20 Hubadhaa, akkuma kana, dhalachuu sanyii keessattis sanyiin inni haaraan dhalachuun dura, inni moofaan du'uu qaba. Kanaafuu, yeroo kam iyyuu yoo ta'e duuti baay'ee ulfaataa dha. Kanaafis, inni baay'ee nama dhukkuba. Inni baay'ee kan nama yaaddeesu dha. Dhala godhachuun, da'uunis akkasuma, sababiin isaa, lubbuu (life) gara biyya lafaatti fidaa waan jirtuuf, baay'ee si dhukkuba.

Dubbiin Isaa Sanyii namichi sanyii facaasu faacaasuudhaaf ba'u akka ta'e Yesus dubbateera. Egaa, hundumti keenya isa kanaa wajjin wal barreerra. Kana akka barnoota guyyaa Dilbataa (Sunday School)tti barsiisuun barbaada, sababiin isaa har'i Dilbata waan ta'eef. Egaa yoos, Dubbiin kun Sanyii akka ta'e qalbeeffadhaa. Garuu, yaadadhaa, sanyiin tokko lubbuu haaraa kennuu kan danda'u yoo du'e duwwaa dha.

Sababiin warri Fariisotaa Gooftaa Yesus Kristoosiin hubadhuun isaanitti cimeef isa kana, sababiin isaa, isaan seera jala jiru turan. Seerichi immoo Dubbii Waaqayyoo bifa sanyiitiin ture dha. Garuu Dubbichi yeroo foon uffatetti seera utuu hin ta'in ayyaana ta'e. Egaa amma, seerrii fi ayyaanni yeroo tokkotti jiraachuu hin danda'an. Sababiin isaa, ayyaanni seera irraa baay'ee ol kan fagaatee dha, seerri mul'ina (picture) keess iyyuu hin jiru. Kanaafuu, ayyaanni akka dhalatuuf seera isaaniittii du'uun warra Fariisotaatti baay'ee ulfaate. Garuu du'uun isaa dirqama. Seeronni lama wal faana al tokkotti jiraachuu hinn danda'an.

Seerri ibsaa tiraafikaa kana irra oofuu dandeessa siin jedhuu fi kan karaa biraatiinis oofuu dandeessa siin jedhu hin jiru; Inni tokko in dandeessa siin jedha, inni kaan immoo hin dandeessu siin jechuu qaba. Yeroo murtaa'e keessatti seera tokko duwwaatu jiraachuu qaba. Tarii yeroo ta'e tokkotti ooftee keessa darbuu dandeessa ta'a; of eeggadhu, oofii keessa darbi siin jechuu danda'a. Garuu yeroo kanatti immoo inni diimaa ibseera. Dhaabi! Hubattanii? Kanaafuu, seerri lama yeroo wal fakkaataatti jiraachuu hin danda'u.

21 Egaa amma, wanti nuyi hubannu inni yeroo hundumaa… Amma yaadni ani isiiif qabu, inni dhukkubbii, rakkina, mudhukaa'uu namatti fida. Garuu kun ta'uun dirqama.

Egaa, bokkaan mukti lafarraa akka ija godhatuuf roobu yummuu arginu, akkuma waloon jedhe, “Inni dirree qaqawweessa fi balaqqeessaa garaa waaqaa keessatti, moofaa bututtuu keessatti dhalate” jedhee walalee ti. Garuu qaqawweessaa fi balaqqeessi, duumessi bantii waaqaa uwwisu utuu hin jiraannee, hurki bishaan galaanaa fi bishaan soogoddaa irraa ol ba'e, silaa dhufee hin dhalatu ture. Egaa cophni bishaanii gaariin sun gadi cophuuf, bakakkaa, qaqawweessa fi babbalaqqeessa, soda fi rom'a qabaachuun dirqama. Mucaa godhachuuf dhukkubbii ciniinsuu dhukkubsachuun dirqama. Inni du'a namatti fida. Akkuma duumessi du'een, bokkaanis in rooba, sababiin isaa, bokkaan qaama duumessaa waan ta'eef. Inni tokko jiraachuuf, inni kaan dhabamuu qaba.

Egaa, yaa obboloota koo warra as jirtanii, kaan isaanii dandeettii qabu, isaan seerota wantoota kanneen hundumaa isinitti kennu. An garuu kana gochuu hin danda'u.

22 Mee amma, waa xiqqoo mirkaneessuuf gara wanta kan biraatti haa ceenu. Waa'ee daraaraa daraarawwan jiran hundumaa irra miidhagaa ta'e tokkoo yaadeen… Namni hunduu kamtu akka caalu yaada mataa mataa isaa qaba. Akka yaada kootti garuu hanga yoonaatti daraaraan arge keessaa baay'ee kan miidhagdu kanan arge naannoo gara bahaatti yoo ta'u, isheenis arfaasee bakkee keenyaa ti. Mee namoota meeqatu arfaasee bakkee keessaa argee beeka? Oo, anaaf kan hamma isaa ga'u hin jiru. Garuu arfaaseen bakkee keessaa maal akka ture beektuu? Wanta Yesus jedhen yaadadhe, Inni, “Mee daraaronni bakkee attamitti biqilanii akka guddatan ilaalaa! Isaan hin soqan hin fo'anis. Haa ta'u iyyuu malee, Solomoon mootichi inni ulfina guddaa qaba ture illeem isaan kana keessaa hamma isa tokkoo akka

hin uffatin isinittan hima” jedhe. Maaliif, ulfinnii fi uffanni Solomoon hunduu kan nam-tolchee ture. Garuu, kan daraaraa bakkee keessaa, miidhaginni isaa, miidhagina uumamaa ti malee, dibata nam-tolchee, halluu isatti dibames miti.

Akkuma dubartoota keenya bara har'aa ti, an wantoota magariisa kana hundumaa, qabaachuu qabdu jedhee hin yaadu, ija kukkuullachuu, qeensa halluu diddibachuu fi wantootni biroon, isinuu beektu, isaan kun hunduu isin irraa hin eegamu. Midhaguuf jettanii wantoota kana hundumaa walitti maktanii fuula keessanitti laaqqattanii yeroo deemtanin arga. Miidhaginni akka miidhaginni godhu dha. Hojii Ergamootaa 2:4 irraa xiqqoo fuutanii, Yohaannis 3:16 irraa xiqqoo fuutanii utuu walitti maktanii, inni wanta kubbaaniyaan kosmootiksii, Maaksi Faaktor (Max Factor) omiishuuf yaalu harka meeqa caala ture. Hubattanii? Yoo kana gootan abbaan manaa keessan caalchisee isin jaallata; namni kamuu isin jaallata; nan amana Waaqayyos isin jaallata.

23 Inni, “Daraaronni bakkee attamitti biqilanii akka guddatan ilaalaa!” jedhe. Daraaraan bakkee kun eessa keessaa akka biqilee ba'u ilaalaa; iddoo xuraa'aa, kosii, dhoqqee, bishaan corroqaa, bishaan xuraawaa keessaa biqilee guddata. Inni karaa isaa wantoota kana hundumaa keessaa dhiibbatee ba'e, dhiigsanyiin lubbuu xinnoon kun gajjallaa dachaa sanaa, iddoo fattee fi wantoonni kana fakkaatan nyaatan keessaa of hojjechiisee wantoota kana hundumaa keessaa biqile. Garuu, inni yummuu iddoo aduun jirtutti ba'utti, inni in dhalata.nSanyiin xiqqaan sun banamee jireenyatti ba'uuf in dho'a. Inni adeemsawwan kunneen hundumaa keessa utuu hin darbin kana gochuu hin danda'u. Sana keessa darbuutu isarraa eegama. Sababiin inni dho'uuf, aduun ofii isheetii ofitti waan isa harkiftuufi. Inni yummuu mataa ol qabatee bishaan xuraawaa, kosii, laaqee fi kanneen biroo bira darbutti baay'ee in gammada. Inni bilisummaadhaan jiraachuu eegala. Inni yeroo iddoo wanta gara ofii isaatti isa arkisu argatutti jireenya miidhagaa in jiraata.

Inni kun jireenya Kristaanummaatiif fakkeenya gaarii ta'a jedheen yaada. Wanti ta'e tokko harkisee biyya lafaa keessaa yeroo isin baasuttu, guyyaa tokko Hafuura Qulqulluutiin akka jiraachuu Isaa keessatti dhalattan isin taaisa. Attam bareeda! Isin yoo isa gargaaruuf yaaltan, isa in ajjeeftu.

24 Akkuma yummuu cuuciin dhalachaa jirtuu ti, isinii beektu, isaan keessaa tokko yummuu sheelii uuruudhaan cabsee ba'u, yookiin samibirroo gosti kam illee yummuu hanqaaquu keessaa yaafamu argitanii beektu jedheen yaada. Inni… Inni bilchaataa jira, Sheeliin hanqaaquu inni duraa sun bilchaataa deema. Qaamni hanqaaquu inni moofaan gara keessaa sun tortotee irraa ba'uu qaba. Egaa cuuciin sun isa keessaa ba'uuf uuruu ishee xinnoo sanaan asii fi achi keeessa gala gaggaluudhaan sheelii gara ala asana cabsuutu irraa eegama. Dachaa Kentuukii iddoon irraa dhufetti, gocha kanaa, ba'uuf karaa baafachaa jira Pipping his way out) jenna. Isan karaa kanarra fooyya'aa raawwatanii hin arganne. Hubattanii? Hubattanii? Maaliif? Inni karaa Waaqayyo qopheesse dha. Isin akka inni ba'uuf yoo isa gargaaruuf yaaltan, cuucicha ajjeesuu keessan. Fuutanii qola hanqaaaquu sana yoo isa irraa baaftan, inni in du'a. Hubattanii? Inni miixachuu qaba, itti dadhabuu qaba, cabsee ba'ee qaba.

Karaan Kristaanni keessa darbuu qabus akkasuma ta'uu qaba. Namni kan biraa harka qabaa garasitti isin fiduu hin qabu. Hamma duutanitti achi ciiftanii, tortortanii Mootummaa Waaqayyoo keessatti dhalachuutu isin irraa eegama. Inni karaa Waaqayyo qopheesse dha. Kitaabaan, yookiis harka isin qabuudhaan, ol utaaluudhaan, gadi isin harkisuudhaan itti dabalamtu miti. Salphaadhumatti qola isa kanaan duraa of irraa baasuu baasuu qabdu. Qalbeeffadhaa, isaan karaa wayyu kan biraa raawwatanii hin arganne.

25 Isaan karaa Waaqayyo isheedhaaf kaa'e irraan kan hafe, karaa fooyya'aa ittiin daa'imni waan barbaaddu argachuu dandeessu hin arganne. Egaa, yeroo daa'imni dhalattutti, isin bilbila wayii bakka inni ciisutti isa bira keessanii, “Yaa ilma koo, ani nama tiyooloojii ti. Attamitti akka mucaa guddisan kitaabota baay'ee irraa dubbisee bareera. Egaa, sittan himaa dhaga'I, ati nama ammayya'aa dha, ati ijoollee bara qoroominaa ti. Ati mana ammayya'aa keessatti maatii ammayyoome keessaa dhalatte. Yeroo beeloftutti, yookiin haadha kee yookiin ana yoo barbaaddutti, callisiitii bilbila xinnoo kana bilbili” isaan jechuu dandeessu. Inni kun raawwatee hin hojjetu. Karaan tokkichi inni ittiin waan barbaade argachuu danda'u boo'ichaan duwwaa dha. Innis immoo karaa Waaqayyo kaa'e dha.

Nuyis karaan ittiin waan barbaannu argachuu dandeenyu, isaaf boo'uudhaani. Boo'aa wawwaadhaa. Hin leeyya'inaa. “Ani Waaqayyoon beela'eera” jedhaa. Diyaaqoniin, Paasteriin yookiis namni fedhe naannoo keessan yoo jiraate iyyuu hin sodaatinaa, akka isinitti dhaga'ametti sagalee ol fudhatii iyyaa. Jooneesfaa achi taa'aa jiru; inni kun garaagarummaa maalii fida? Hamma gargaarsa argattutti iyyii boo'i, karaan ittiin isa ragachuu dandeessu kana duwwaa dha. Inni isa kana kan barsiise yummuu Ofii lafa kana irra turetti dha, waa'ee abbaa firdii jal'aa sanaa ni beektu.

26 Cophi fixeensaa xiqqoon fuurmulaa isheen itti uumamntu ani hin beeku. Tariin saanyiisii waa'ee kana kan beeku as…An garuu akkaataa yaada kootittan dubbadha. Tarii garee qilleensa atimoosferii walitti rukkateetu halkan yeroo dukkanaa'utti walitti dhufee lafarra bu'a. Yeroo akkas ta'utti, inni halkan dhalata jechuu dha. Garuu ganama yeroo bari'utti baala margaa, yookiin shaashara wayyaa keessanii irra qorree

buufatee argama. Garuu yeroo aduun itti ba'utti attamitti akka inni gammadu beektuu? Inni sirriitti calaqqisee ifee mul'ata. Maaliif? Bakka inni jalqaba turetti harkisee kan isa deebisu aduu ta'uu isaa waan beekuufi.

Dhiirri yookiin dubartiin Hafuura Waaqayyoo irraa dhalattes akkasuma. Waa'ee isaa waan tokkotu jira, Yeroo Ifi nurratti gadi ifutti nuyi in gammanna, sababiin isaa, idduu jalqaba dhufne bobaa Waaqayyoo jalatti deebi'uuf deemaa jirra waan ta'eef.

Yeroo aduun isatti ba'utti, inni ifee gammachuudhaan in calaqqisa, eeyyee, inni iddoo dhufetti deebi'aa akka jiru in beeka.

Wantootni kunniin xiqqoo akka dikita (crude) wayii ti, garuu isaan duukaa tarkaanfachuu keenya ittuma fufne, ta'us garuu mee waan kan biraa tokko immoo haa ilaallu.

27 Akkuma nuyi beeknu, sanyiin inni haaraan sanyii isa duraa keessaa argamuudhaaf, inni duraa sun guutumaan guutuutti tortoruun dirqama. Du'uu duwwaa utuu hin ta'in, erga du'ee booda tortoruu qaba. Inni kun dhugaa akka ta'e in beekna.

Inni kun egaa Dhalachuu haaraa wajjin tokkuma. Yeroo lammata dhalattanitti, raawwattanii boodatti hin deebitan, fuul duratti deemtu malee. Akkan yaaduttu bara har'aa kanatti, namoonni baay'een, tarii Sagalichatti yookiin nama tajaajilutti miira gammachuuin qabaatu, garuu sirna moofaa durii isa keessa turan keessatti tortoruu hin barbaadan, haa ta'u malee namoonni dhugaatti Dhaloota haaraa ta'an jiru. Isaan isa keessaa ba'uu hin barbaadan. Isaan sirna moofaa sana keessa turuu barbaadu, garuu immoo nuyi Dhaaloota haaraa dha, yookiin Ergaa bara kanaa keessatti dhalanneera jedhanii of waamu. Wanta kana baroota Luuter, Wesilii, Pheenxeqoostaalii fi baroota hafan kan biroo hundumaa keessatti argina. Isaan amma iyyuu sirna moofaa sanatti qanatanii jiraachaa, Isa Kana jedhanii of waami. Garuu barri inni haaraan akka dhufuuf sirni bara isa moofaa du'ee tortoruu qaba. Isaan amma iyyuu isatti rarra'uu barbaadu.

28 Qalbeeffadhaa. Sirni inni moofaan akka du'e ni beeku, garuu isaan tortoranii isa keessaa ba'uu hin barbaadan. Egaa amma, tortoruun yummuu guutumaan guutuutti isa keessaa ba'an jechuu dha. Yeroo… Afaaniin yeroo dubbatanitti, isaan Dhaloota haaraa dha, garuu afaaniin dubbachuun milikkita dhalachuu ti. Tortoruu keessaa Dhaloota haaraatu ba'a. Akkuma nuyi bara Wesiliyaanii fi warra isa boodaan dhufan hudumaa keessaa baaneetti, tortortanii keessaa ba'uu qabdu.

Garuu, wanti barbaachisaan erga Dhaloota haaraa ta'anii dhalatanii booda wanta ta'uu qabu dha. Wesiliin yookiin… Luuter sagalee tokkicha, “Qajeelummaan amantiidhaa aragama” jedhu qabatee dhufe. Tole, Inni deebi'ee sirna moofaa sanatti hin rarraane. Inni isa keessaa ba'ee adeeme.

Warri Kaalviinistiis yeroo haala waldaan warra Angilikaanii keessa jirtu sana arganitti, doktiriinii Kaalviinistii jalatti Waaqayyo Joon Wesilii kaasee doktriinii Arminiyaanii hundeessise. Inni haaraan akka dhufuuf, sirni moofaan du'uutu dirqama.

Barri Wesilii yeroo dhumetti, baroonni xixiqqoon, yookiin dameelee xixiqqoon jirma mukichaa irraa bara Wesilii keessa latuu jalqaban. Warri Pheenxeqoostaalii kennaa iddootti deebisuuf yeroo dhufanitti Baaptistii, Presbaayiteeriyaanii, Piilgiraam Hoolineesii, Naazereensii, Charchi oof Kraayistii, warra maqaa kan biraan waamaman hundumaa keessa ba'uun dirqama ture. Dhalachuu haaraa fudhachuudhaaf, tortoranii isaan keessaa ba'uun dirqama isaanii ture, ba'aniirus.

29 Yeroo hundumaa maraatuu jedhamtanii waamamtu. Garuu akkuma isa Phaawuloos yeroo wanta itti waamamaa ture sana keessaa tortoree ba'e dubbatee ti. “Waan tokko garuu mul'inatti isinitti nan himadha; ani karaa amantii isa isaan 'karaa warra addaan cabsateeti' jedhan sana irra bu'eetan, Waaqayyoo isa kana abaabilii keenyaa waaqeffa dha” jedhe. Isa isaan karaa warra addaan cabsateeti jedhan! Hubattanii? Inni Jireenya haaraa fudhate, kanaanis Kakuun Moofaa Dhaloota Haaraa godhate, kun ta'uufis inni tortoree isa Moofaa irraa fagaatee gaaddidduu isa gochuutu dirqama ture. Inni akka…

Inni egaa iddoo nuyi amma jirru dha. Amma na duukaa bu'aa. Garuu kun yaada koo ti. Waldaan mala wal xaxaa maluudhaan hanga waraqaa isa kan tokkoo yoo qabaattan malee gara isa kaanii dhaquun hin dandaa'amnee irra ga'aniiru. Waraqaa feeloshiippii yookiin waraqaa eenyumaa qabaachuu qabdu. Kana amantaan isaan irraa qabuun nan dubbadha, waldaan balbala bantee hamma tokko na simatte waldaa warra Biizines Meenii kana. Hanga isaan dhaabbata hin taanetti, isaanii wajjinan ta'een Ergicha namoota biraan ga'a, kana immoo garaa koo irraa fudheen dubbadha. Garuu waldaan caasaa hamaa keessa galteetti. Isin warri Pheenxeqoostaaliis, isinan jaalladha. Haa godhan iyyuu malee, Pheenxeqoosteen dhaabbata miti. Isin isatti of waamtu. Pheenxeqoosteen shaakala mooxannooti malee damee amantummaa miti.

Garuu, hubadhaa, wanti isaa namoota baay'eetti kan cimu dha. Yeroo gara Isaa ilaaltanii Isa amantanitti, Waaqayyoon adda kan baafame ta'uu Isaa, Sagalicha keessatti yeroo hubattanitti, garuu immoo wanta kanaan dura keessan keessaa ba'uun baay'ee isinitti cima. “Maal gochuun danda'a? Soora

koo eessaan argadha?”

Maal? Waaqayyo soora kee ti. Waaqayyo wanta ati itti hidhamtu sana siif kenna. “Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa Isaa barbaaduutti hidhaa.” An isa kana duran isa kaa'a. Waa'ee maalii akkan dubbachaa jiru in beektu.

30 Lafa haaraa argachuuf akka jirru raajota Waaqayyootiin nutti dubbatameera, Bantii Waaqaa haaraa fi lafa haaraa argachuuf jirra. Caaffata waa'ee kanaa ilaaluu yoo barbaaddan Mul'ata 21 keessatti caafameera. Of biraa waanan qabuuf isiniif dubbisuu nan danda'a. Yohaannis, “Ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru” jedhe. Inni darbeera. Egaa, lafa haaraa argachuuf jenna yoo ta'e, lafti haaraa fi lafti inni duraa wal faana jiraachuu hin danda'an. Yookiin, adunyaan haaraanii fi addunyaan inni duraa wal faana jiraachuu hin danda'an. Adeemsi addunyaa lamaa wal faana jiraachuu hin danda'u. Egaa, lafa isa haaraa argachuuf, lafti inni moofaan du'uu qaba. Egaa, inni duraa du'uuf deemaa jira yoo ta'e, isa haaraatiif cinninsuu da'umsaa kennaa jiraachuu isaa ti.

31 Amma dokteerrii tokko utuu dubartii ciniinsifachaa jirtu tokko gargaaruuf deemee…, inni wantoota dokteeronni godhan keessaa tokko. Isa kanas fuula dokteerotan beeku lamaa yookiin sadii durattin dubbachaa jira, dokteeronni fayyaa gaggaariin, dokteeronni Kristaanaa as nu gidduu akka jiran nan beeka. Kana isin gaafachuufan ture. Dokteerri tokko erga dhukkubsataa argeen booda wantoota inni godhu keessaa inni duraa dhukkubbii sana safaruu dha, yeroo ciniinsuu sanaa lakkaa'uu dha. Inni deddeebii ciniinsuu sana in safara, miixuun sun hammam akka walitti dhi'aachaa deemuu, hammam sodaachisaa ta'aa akka deemaa jiruu hin jirre safaraa deema. Inni tokko isa tokko caalaa ulfaataa deema. Inni itti aanus amma iyyuu cimaa deema, walitti dhiphataa deema. Kun egaa karaa dokteerri gosa ciniinsuu adaan baasee beeku dha.

Tole egaa, lafti kun lafa haaraa dhalachuuf jirtuuf karaa gadi dhiisuu qabdi erga ta'ee, mee ciniinsuu lafa kana irratti ciniinsifachaa jirru haa qo'annu, sana booda guyyaa attamii fi yeroo hammamiitiif dhiphina dhukkubbii kanaan akka isheen turtu in ilaalla.

32 Waraanni Adduyaa Tokkoffaa cinninsuu da'umsaa cimaa agarsiise. Inni cinniinsuu isheen jalqaba ittiin dhiphachuuf warra jalqabaa keessaa isa tokko agarsiise. Sababiin yeroon sun isheedhaaf kana ta'eefis, nuyi yeroo sanatti boombii, maashinoota qawwee fi gaasii summa'aa waan omiishneefi. Isins in yaadattu. Tarii baay'een keessan hin yaadattan ta'a. An yeroo sanatti ijoollee xiqqoo gara wagaa saddeetiin ture, garuu isa isaan waa'ee gaasii mustaardii, gaarii kilooriinii fi waan kana fakkaatan haasa'aa turan nan yaadadha. “Attamittiin akka isa walitti dhukaasuun jalqabama” jedhanii yeroo waliin dubbatanitti, “inni guutummaa lafaa gubee balleessa. Inni waan hundumaa ajjeesa. Tole, inni qilleensaan baatamee guutummaa lafaa wal ga'a” jedhanii odeessu turan. Namni hunduu meeshaa lolaa gaasii summaa'aa jedhamu sanaan attam naasuun du'ee diilallaa'e! Lafti kanaan ciniinsuu isa jalqabaa keessa dabarte.

Ammas kan biraa argina, lolli lammataas nu quunnamee ture, innis Waraana Addunyaa Lammaffaa yoo ta'u, yeroo kanatti ciniinsuun lafatti baay'ee kan hammaate ture. Inni guyyaa hundumaa isa duraarra kan hammaatu ture, dhukkubbiin ciniinsuu lafaa isa duraarra hammaataa ture. Yeroo boombii atoomawaan dho'etti, isheen xiqqoof malee karaa hamma karaa gadi dhiisuutti iyyuu geessee turte, sababiin isaa inni guutummaa magaalaa tokkoo barbadeessee ture. Dhukkubbiin isaa dhukkubbii badiisa lafaa isa duraa irra, dhukkubbii Waraana Addunyaa Isa Duraa irra baay'ee baay'ee kan hammaatu ture.

33 Amma egaa, yeroon deessee hiikamuu ishee qarqara akka ga'e, isheen in beekti. Sababiin isheen naasuu guddaa keessa seentee jirtuuf isa kanaafi, sababiin isheen amma naatee muka qabattu dhabee jirtuuf, sababa yeroo ammaa boombiin haayidiroojiinii fi misaayiliin qilleensa irra furguggifamu kana guutummaa addunyaa barbadeessuu danda'u jiruufi. Biyyi xiqqoon illee utuu hin hafin, biyyi tokko biyya biraa sodaataa jiraata. Misaayiloota kanneen keessaa isaan isa…jedhanii waaman irra ga'aniiru. Isa kana immoo urjootaan to'achuudhaan biyya lafaa irraa iddoo barbaadan irra buusuu akka danda'an hojjetaniiru.

Akkan oduu irraa guyyaa tokko dhaggeeffadhetti, Ruusiyaan gargar caccabuu biyya ishee irraa ittisuuf, yookiin atoomota biyya ishee irraa ittisuuf jecha, biyya kana barbadeessuu akka barbaaddu waamicha dhi'eessaa jirti. Waa'ee Isa kanaa maal akka goonu hin beeknu. Hundumtuu yaada akkasii dhi'eessaa jira, innis akkasuma in ta'a.

Saayinsiin dhala namaa laaboraatoorii guddaa isa kan Waaqayyoo cabsee galuudhaan, isaan hamma ofumaan of barbadeessanitti deemaa jiru. Waaqayyo akkas godha, Waaqayyo yeroo hundumaa ogummaan akka ofiin of balleessu godha. Waaqayyo waan kam illee hin barbadeessu. Namni akkuma jalqaba iddoo Sagalee Waaqayyoo buusee ogummaa Seexanaa fudhachuudhaan of balleesse sana, har'as ogummaadhaan of barbadeessaa jira.

Egaa, isheen akka karaa gadi dhiiftu beekti. Isheen isa jala hin dhaabattu.

34 Nan amana, Ruusiyaan biyya kana har'a barbadeessuu dandeessi, isheen yoo barbaadde biyya kana

barbadeessitee ofii isheetii jiraachuu dandeessi. Biyyoota xixiqqoo kana keessaa iyyuu abbaan fedhe kana gochuu danda'a. Garuu isaan kana gochuu in sodaatu, sababiin isaa haala sana keessatti lafti kun orbiitii ishee irra dhaabachuu akka hin dandeenye in beeku.

Akkuma kana, biyyi lafaa dhukkubbiin ciniinsuu ishee gar-malee akka itti hammaate ni beekti, isheen ganamteetti. Dhaloota haaraatu ta'uuf jedha, dhalachuun haaraa qarqara ga'eera. Isa kanaaf galanni koo guddaa dha. Inni kun na nuffisiiseera. Biyyi lafaa inni kun iddoo du'aa fi gaddaa, iddoo ja'innii fi wantoonni kan biroon hunduu keessa guute ta'uu isaa namni hunduu ni beeka. Yeroon da'uu ishee ga'uu isaatti nan gammada. Yeroon sun balbala ga'uu isaatti nan gammada. Yohaannis inni durii akkuma jedhe, “Kottu, Gooftaa Yesus” nan jedha.

35 Egaa, akkuman kanaan dura jedhe, eeyyee, isheen dhaloota haaraa godhachuuf tortoruun ishee dirqama. Wanta isheen itti tortorte ilaalaa. Yaa obboloota koo, qalbeeffadhaa! Isheen guutumaan guutuutti tortorteetti. Saayinsii fi sirni caasaa ishees akkuma ishee tortoraniiru. Lafee jabaan ishee keessa, sirna biyya lafaa ishee keessa, siyaasaa fi siyaasa amantii ishee keessa, waan kan ishee ta'e hundumaa keessa lafee jabaan hin jiru. Namni, “Ani Diimokiraatii dha. An Ripaabilikaanii dha. An Metedistii dha. An Baaptistii dha” jedha. Maaliif jennaan, wanti hunduu hanga keessa wiirtuutti tortoreera. Wanta ta'e tokkotu ta'uuf jechaa jira. Isheen isa dura dhaabachuu hin dandeessu. Utuu Joorji Waashiingiten yookiin Abrahaam Liinken as Amerikaa bakka hundumaatti keessanii iyyuu biyyichi deebi'uu hin danda'u. Inni iddootti deebi'uun ala ta'eera.

Wanti ishee gargaaruu danda'u waan tokko duwwaatu jira, innis dhufaatii Uumaa ti. Ameen.

Isheen dabarfamtee kennamuuf akka taate in beekti. Isheen miixuudhaan dhiphachaa jirti. Namni waan godhu wallaalaa jira. Namni inni tokko karaa kana barbaadaa jira, inni kaan karaa sana barbaadaa jira, hundumatuu akkas ta'eera. Inni tokko isa kaan sodaata. Namni inni tokko wanta isa kaan barbadeessu hojjechuuf yaalaa jira. Inni kun faallaa isa sanaa deemuudhaan isa kaan barbadeessuu barbaada. Keessa ba'uudhaan yeroo ammaa harka namoota cubbamoo warra daqiiqaa shan keessatti guutummaa biyya lafaa barbadeessuu danda'an keessa isa galchaniiru. Hubattanii? Kanaafis isheen isa dura dhaabachuu akka hin dandeenye in beekti. Isa dura dhaabachuu akka isheen hin dandeenye namoonni in beeku. Wanti ta'uuf deemaa akka jiru bnamoonni in beeku.

36 Waaqayyo in ta'a jedhee dubbateera waan ta'eef in ta'a. “Guutummaa bantii waaqaa fi lafaatti ibiddi in qabata.” Haaromfamuun wanta hundumaa ta'uuf jira, kanaanis lafti haaraan dhalachuuf jirti. Waaqayyo isa kana raajii dubbateera.

Isheen caasaa sirna ishee wajjjin wal fudhattee tortorteetti, isheen tortortee badduu ba'uufis jirti.

Sababiin isheen naasuu baay'ee keessa galtee, fuulli ishee itti diimatee, saakachoofteetti isiiin jedheef isa kanaafi. Kerkerri lafaa dhiha Amerikaa olii hamma gadiitti rukutaa jira. Dambaliin garbaa Alaaskaarra galagalaa jira, kerkerri lafaa fi wantoonni baay'een galoo gara dhihaa kana olii hamma gadiitti raasaa jira. Namoonni immoo, “Baqannuu? Baqannuu?” jedhanii barreessu. Hubattanii? Isaan waan godhan wallaalaniiru. Isa Tokkicha sana malee iddoon itti baqatanii oolan hin jiru, innis Kristosi dha, Ilma Waaqayyo isa jiraataa ti. Iddoon itti baqatanii oolan (safety zone) tokko duwwaatu jira, innis immoo Isa duwwaa dha. Wanti Iddoo sanaan alatti argamu hunduu, akkuma Waaqayyo dubbate in balleeffamu.

37 Mee Kitaaba Dokteeraa irraa haa ilaallu, mee akka isheen haala kana keessa jirtu haa ilaallu, mee lafti haaraan dhalachuuf yummuu jettu wanti kun dhuguma akka ishee irratti raawwatamu haa ilaallu. Kitaaba Dokteeraa isa ta'e Macaafa Qulqulluu keessaa, Maatewos 24 keessatti raajii dubbatamee fi mallattoon dhukkuba ishee maal ta'uuf akka jiru waliin haa ilaallu.

Egaa amma, dokteerri tokko mallattoo dhukkubbii yeroo dubartiin mucaa da'uuf jettuu yoo bare… Battala yeroo daa'imni sun itti gadi dhuftuu yeroo barutti, inni waan hundumaa in qoqopheessa, sababiin isaa, yerichi yeroo daa'imni sun itti dhalatu waan ta'eef. Sababiin isaa, mallatooleen hunduu mul'ataniiru; bishaanni cabeera, dhiigni dhangala'aa jira. Egaa amma…Yeroo isaa xumurameera. Mucaan gadi dhufteetti, yeroon yeroo mucaan itti dhalattu dha. Kanaafis inni wanta isaaf barbaachisu hundumaa in qopheessa.

Egaa amma, Yesus wanta yeroo ammaa kanatti ta'uuf jiru utuu irraa hin hambisin dubbateera. Inni Maatewos 24 keessatti Waldaan, Waldaa isheen dhugaanii fi waldaan isheen kan biraa, isheen yaada foonii…Waldaan hafuuraa fi waldaan foonii dhalachuuf akka jirtu nutti dubbate. Waldaan foonii fi waldaan hafuuraa, “Baay'ee wal fakkaachuu irraan kan ka'e, isa dhugaatti fakkeessuu irraan kan ka'e, utuu isaaniif danda'amee warra Fo'aman iyyuu hamma wallaalchisuutti in ga'u.” Akkuma guyyoota Nohi keessa ture in ta'a, “Akkuma isa isaan nyaanyaa, dhugaa, fudhaa, heerumaa, gaa'ila dhaabbachaa turan,” seera malee jiraachuu fi halalummaan biyya lafaa yeroo ammaa argaa jirru kun hundi guyyoota sana keessa ture. Macaafni Qulqulluun, Kitaabni, Kitaaba Dokteeraa inni ta'e, wanti kun akka ta'uuf jiru dubbateera. Kanaafis, wanti kun ta'uu isaa yummuu arginutti, da'umsi dhi'aatee balbala akka ga'e beekuu qabna. Kun ta'uutu irra jira. Eeyyee, gooftaa. Nuyi isa kana akka biyyaatti ilaalla; akka biyyaatti utuu hin ta'in akka

addunyaatti ilaaluu qabna.

38 Amma egaa, waldaa kan taate Israa'el haa ilaallu, mee daqiiqaa muraasaaf duubaa jalqabnee ishee wajjin haa deemnu. Tarii daqiiqaa kurnan tokkoof ishee duukaa haa buunu. Raajota gara biyya lafaa dhuan hundumaa keessatti Israa'el ciniinsuu qabdi turte. Ergaa inni qabatee dhufetti ciniinsuutu isheetti dhufaa ture. Inni waan maal godhuuf? Raajichi Dubbii Sagalee of harkaa qaba. Hamma yeroo raajiin kun dhufee hundee ishee raasee buqqisee gateetti, isheen torturummaa keessa ba'aa fi seera caaseffama sirnawaa (systematic order) namummaa ishee keessatti facaaftee jiraachaa turte. Raajonni sun namoota hundumaan jibbaman. Kanaafis, yeroo Waaqayyo raajii ergetti waldaan ofii isheetii ciniinsuu keessa seente. Sababiin isaa, raajiin, “Dubbiin Gooftaa gara rajii dhufa, gara isaa duwwaas dhufa” waan ta'eef. Kunis, Dubbiin guyyoota sanaaf dubbatame raajii bara sanaatiin bakkeetti baafama jechuu dha, kun baroota hundumaa keessa ta'aa kan as ga'ee dha. Waldaan immoo hamma inni dhufee teessuma ishee jalaa butee gatutti sirna (system) hedduu baay'ee Dubbichatti naannessitee ijaarti turte. Isheen ciniinsuudhaan dhiphachaa turte.

Ciniinsuun sun maal? Gara Dubbii Waaqayyootti deebi'i! Gara Jireenyaatti deebi'i! Sirni (system) Jireenya hin qabu. Dubbii Sagalee Waaqayyoo duwwaata Jireenya qaba. Sirni Isatti naanna'ee ijaarame Jireenya of keessaa hin qabu. Jireenya kana namaaf kennu Dubbicha duwwaa dha. Ergaan isaa warra irraa hafan (remnant) gara Dubbii Waaqayyootti deebise. Garee xiqqoon isaan keessaa ba'anii in amanu. Yeroo tokko tokko, tarii…Bara Nohitti namoota saddeet duwwaa turan. Garuu, waan hundaafuu Waaqayyo warra irraa hafan (remnant) qaba.

39 Hamma yeroo xumura irratti waldaan Mucaa Namaa deesseesseetti, Inni baroota hundumaa keessatti kana gochaa ture, Mucaan Namaa sun immoo Ofii Isaatii Sagalicha foon uffate ture. “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi Ofii Isaa Waaqayyo ture. Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate.” Inni Seexana hundumaa, humna biyya lafaa hundumaa kan Isaan mormu hundumaa Sagalee Abbaa duwwaadhaan injifate. Qorumsa Seexanni Isa qore hundumaaf, Inni seexanicha ifate; aangoo Ofii Isaatii qabu tureen utuu hin ta'in, Dubbii Waaqayyootiin isa ifate. “…caafameera…caafameera…caafameera.” Innumti Sagalicha ture waan ta'eef.

Seexanni yeroo gara Hewaanitti balali'etti isheen Sagalee waan hin turreef kufaatiin ta'e. Yeroo inni Museedhaan mormuuf balali'ettis waanu kana fakkaatu godhe. Garuu yummuu inni Ilma Waaqayyoo wajjin walitti bu'etti, humni Isaa vooltii kumaatama dhibba ture. Yummii inni Isatti bu'etti baallee isaatu irraa harca'e, yummuu inni deebi'ee dhufetti, “Yesus immoo, 'Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee' jedhamee caafameera” isaan jedhe. Ilma Namaatu foon uffatee achi jira. Dubbii Waaqayyoo isa kan Bara Baraatu, Ofii Isaatii Sagalicha bakka bu'uudhaaf lafa kana irratti dhagna foonii uffate.

40 Inni wanta yaada garaa isaanii keessaa beekuu kan danda'eef, Sagalicha waan ta'eefi. Sababiin Inni Filiphos eessa akka turee fi inni eenyu akka ta'e isatti himeef isa kanaafi. Inni Simon Phexros eenyu akka ta'e isatti himuu danda'eera. Dubartii samaariyaa iddoo boolla bishaanii jirtu sanatti dhoksaa ishee himuu danda'eera. Maaliif? Inni Sagalicha ture. Sirrii dha. Macaafni Qulqulluun Ibroota boqonnaa 4ffaa keessatti, “Dubbiin Waaqayyoo jiraataa dha, humna hojjetus of keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba; inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a” jedha.

Maaliif jennaan, luboonni Fariisotaa sun Inni Sagalee mul'ifame ta'uu isaa hubachuu hin dandeenye, sababiin isaa , isaan seeraa fi lubummaadhaan uwwifamanii jiru waan ta'aniif. Sirni inni duraa immoo karaa gadi dhiisuutu isa irraa eegama ture. Inni Sagalicha ture, garuu wanti abdachiifamaa ture fiixaan baafameera. Inni tortoree badeera, inni abdachiifames fiixaan ba'eera. Inni qola sanyii ti. Sanyichi biqilee ol guddateera.

Museen ergaa Nohi fidee dhufuu hin dandeenye. Yesusis ergaa Nohi fidee dhufuu hin dandeenye, sababiin isaa, barichi bara kan biraati waan ta'eef. Sanyiin inni duraas sirrii dha, garuu inni ga'ee isaa tajaajilee du'ee itti fufaa deema. Geeddaramni isa duraa irraa gara isa haaraatti, gara iddoo Lubbuun jiruutti godhamtu nama yaaddessaa jira, har'a illee wanti isaan yaaddessaa jiru isa kana.

Nuyi akka waan ergaa Luuteriin cabsannee baaneetti keenyan manaa ijaaraa hin jirru, nuyi kallattiidhaan karaa qajeelaa qabannee deemna, yookiin ergaa Pheenxeqoostummaa qabannee deemna malee. Sirrii dha. Nuyi golee qajeelchaa jirra. Nuyi mana ijaaraa jirra. Kaartaa fi pilaaniin isaa Dubbii Sagalee Waaqayyoo ti. Namni kam iyyuu sarara sararame irra bu'ee ijaaruu danda'a, garuu golee qajeelchuuf ogeessa ijaarsaa nama barbaachisa. Isa hojjechuuf humna Waaqayyoo nama barbaachisa. Isa kana gochuuf nama dibamee Waaqa irraa ergame qabaachuu barbaachisa. Kun immoo baroota hundumaa keessatti ta'eera. Bara raajotaa keessa Dubbiin Waaqayyoo raajota sana keessaan dhufaa ture, isaanis golewwan kanneen qajeelchaa turan, garaagarummaa kanneen uumaa turan. Garuu warri ijaartonni keenyan manaa ijaaruu barbaadan. Inni keenyan manaa duwwaa miti. Inni mana, inni mana Waaqayyoo ti.

41 Egaa amma, Inni kun Dhugaa akka ta'uu isaa akka beeknu miira keenyatti in dhaga'ama, innis immoo sirni seerotaa bara hundumaa keessatti tortoruu isaa in beekna. Hamma isheen Waldaa sana godhattutti, sirni isaanii hunduu du'ee tortoree baduu qaba, Laaqii tortoraa sana keessaa Sagalichi Ofii Isaatii in ba'a. “Dubbiin Gooftaa gara raajotaa dhufa.” Inni raawwatee gara lubootaa hin dhufu; gara raajotaa dhufa malee.

Egaa qalbeeffadhaa, Inni yeroo kana godhetti, xumura irratti Sagalichi walitti qabamee nama foonii ta'ee dhalate. Guutummaan Waaqayyummaa namummaa Isaa keessa jira. Inni Sagalee ture. Raajonni qama Sagalichaa ti, isaan bara isaaniif Sagalicha turan. Nuyi bara har'aa qaama Sagalichaa ti, nuyi warra Sagalicha duukaa bu'aa jirru dha. Inni garuu guutummaa walii gala Sagalichaa ti. Inni Sagalee ture. Inni akkas jedhe…

Ilma Waaqayyoo ta'uu Isaatiin Waaqayyoon Of qixxeessuu Isaatiif isaan yummuu Isa hadheessanitti, “Tole egaa, amma egaa Waaqayyoon Of goote” isaan jedhan.

Yesus immoo, “Seera keessan keessatti, 'Anoo isin raajotaan Waaqayyoota isiniin jedheera' kan jedhu caafamee jira mitii? Isaan Waaqayyoota turan. Yoos immoo 'Ani Ilma Waaqayoo dha' Ofiin jennaan attamitti Waaqayyoon arrabsita Naan jetturee?” jedhee isaan gaafate.

42 Eessa jennaan, guutummaan Waaqayyummaa namummaa Ilma Waaqayyoo keessa boqota. Inni guutmmaa mul'ina Waaqayyoo tire. Inni egaa wanta dhuma irratti… Raajonni sun ciniinsifataa turan, maaliif jennaan, isaan isaan Sagalee turan, isaan gara guutummaa ofii isaaniitti , gara guutuummaa Sagaleetti akeekaa turan. Sana booda xumura irratti sirni seeraa du'ee balleeffame, “Sagalichis foon uffatee nu gidduus buufate.”

43 Inni attamitti Yaaqoobiin akka bakka bu'ee ture ilaalaa. Attamitti akka inni Yooseefiin bakka buufamee ture ilaalaa, dhugaadhumatti. Abbaa isaatiin in jaallatame; sababa tokko malee obboleessa isaatiin jibbame. Inni nama hafuuraa waan tureef, wantoota ta'uuf jiran nama himuu fi nama abjuu hiikuu danda'u ture. Inni kana gochuuf gargaarasa hin gaafanne. Inni nama akkasii ta'ee dhalate. Inni nama akkasii akka ta'uuf uumamuu biyya lafaatiin dura yaadaan qabame. Garuu, obboloota isaatiin jibbamee, xumura irratti meetii soddomatti isaanumaan gurgurame. Inni immoo harka mirgaa Fara'oonitti keessatti guddite. Mana hidhaa isaa keessa yummuu ilaalu eegduu mana hidhaa fi tolchituu buddeeniitu jira; isaan keessaa tokko in fayye, inni kaan in gatame.

Yesus mana hidhaa isaa yummuu turetti, yummuu fannoorra turetti, inni tokko in fayye inni kaan in gatame. Dhugaa dha. Sana booda gara waaqatti ol ba'ee Teessoo Waaqayyoo irra taa'e. Yummuu Inni lammataaf achi ka'utti, sagaleen dursee in dhageessifama, “Gadi in jedhama, in qoomma'ama,” arrabni nama hundumaa in dubbachiifama.

Yeroo Yooseef teessoo isaa gadi dhiisee fuulduratti deemuu jalqabetti, malakanni in afuufame, namni hunduu gadi jedhee in qoomma'e. “Yooseef dhufaa jira.”

44 Kanaafis, guyyaa tokko Malakanni Waaqayyoo inni guddaan in afuufama, warri Kristositti amananii du'an dura in kaafamu, namni hunduu gadi jedhee in qoomma'a, arrabni nama hundaa Sagalee kanaaf dhugaa in ba'a. Garuu sana booda Inni maaliif dhufa? Inni maaliif gara biyya lafaa kanaa dhufa?

Qalbeeffadhaa, ciniinsuu raajotaa isa, “Inni dhufaa jira! Inni dhufaa jira!” jedhee dho'ee ba'een, isheen Sagalee guutuu isa foon uffate kana godhatte.

Yeroo sanatti garuu akka seenaan jedhutti, akka Caaffanni Qulqulla'aan jedhuttis Milkiyaas irraa qabee hanga Yohaannis cuuphaatti, isheen waggoota dhibba afuriif raajii malee teesse. Isaan warra tiyooloojii, lubootaa fi paasteroota duwwaa qabu turan. Egaa amma waggoottan dhibba afuran kana keessatti Ergaa ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE jedhu, kan kallattiidhaan Waaqayyo biraa dhufu utuu hin qabaatin sirni ishee haala tortoraa attamii akka ture tilmaamuu dandeenya. Kanaafis, luboonni, raajonni, fi kanneen biroon laaqii fokkisaa keessatti kufan. Isheen in tortorte.

45 Sana booda Yohannis isa Miilkiyaas boqonnaa 3 keessatti heerametu dhufe, isa Miilkiyaas boqonnaa 4 keessaa miti. Isa Miilkiyaas boqonnaa 3 ti, sababiin isaa Maatewos boqonnaa 11ffaa keessatti Yesus waanuma tokkicha dubbate waan ta'eef.

Yeroo sana iji Yohannis akka ija joobiraa fagootti xiyyeeffatee arguu jalqabe, nan amana jcha kanaan Peembertu kitaaba isaa Iirlii Ejis Eksipreesis (Early Ages Expresses) jedhu keessatti ibse. Inni, “Kan dhufuuf jiru Si'I moo? Yookiis kan biraa eeggannu?” jedhee karaa bartoota isaa Yesusin gaafachiise. Hubattanii?

Yesus immoo bartootni isaa wal ga'ii keessa turanii wanta ta'aa jiru hundumaa akka ilaalaniif isaanitti hime. Erga isaan wanta ta'e ilaalanii booda, “Deebi'aa! Waan dhageessan, waan argitanis Yohaannisitti himaa. Namni waa'ee kootiif abdii hin kuttanne gammachuu attamii qaba” isaaniin jedhe.

Warri ergaman kunis erga deebi'anii, Yesus bartootaa fi namootatti dubbachuu jalqabee, “Maal arguu Yohannis bira gara lafa onaa dhaqxan? Nama uffata miidhagaadhaa fi dhagnatti tolu uffatee? Warri uffata miidhagaadhaa fi dhagnatti tolu uffatanoo mana mootota jiru. Jajjaba qilleensi raasuu? Yookiis maal ilaaluudhaaf baatan?” isaaniin jedhe.

Jecha biraatiin, wanta xixinnoo isatti dhufe hundaam inni rifateeraa? “Sittan hima, gara keenya dhuftee garee keenyatti yoo dabalamte, nuyi miindaa gaarii siif kaffalla.” Yohannis akkas miti. “Ati mormii waa'ee kanaa fi sanaa hin lallabdu taanaan, tole, Garee keenyatti makamuu in dandeessa.” Yohannis akkas miti.

Yesus, “Egaa maaliif baatan? Raajii ilaaluudhaafii? Eeyyee, isiniinan jedha raajii irra iyyuu kan caalu dha. Caaffanni Qulqulla'aan waa'ee isa kanaatiif, 'Ilaa ergamaa Koo karaa Kee akka Siif qulqulleessuuf Si dura Nan erga' jedhee dubbateera” isaaniin jedhe. Kunis Miilkiyaas boqonnaa 3:1.

Gonkumaa isa Miilkiyaas 4 keessatti tuqamee miti. Inni isa kana irraa adda. Sababiin isaa, Eliyaas inni sun yeroo dhufutti battaluma sanatti biyyi lafaa in gubatti, warri qajeelonni immoo koomee isaaniitii daaraa warra hamootaa in dhidhiitu.

46 Egaa, amma qalbeeffadhaa. Ergaan isaa hirriba barsiisa seenaa baraa isaanii keessaa isaan hin dammaqsine. Isaan duuchaadhumatti, “Goda kana namicha maraatuu tokkotu jira. Dhi'ootti asiin darba. Maraatuu jedhee of waama; inni dachaa kanatti namoota bishaan nyaachisuu yaalaa jira. Hubattanii? Maaliif jennaan namichi dulloomaan sun waan tokko iyyuu hin qabu. Maaliif jennaan, inni uffatuma sirrii iyyuu dhagna isa irraa hin qabu. Inni gogaa hoolaa ofitti marxifatee deema. Tole egaa, inni hiyyeessa idaaqqoo baalleen kaattu hin qabne dha. Maaliif jennaan, inni seminarii kam keessaa eebbifamee ba'e? Waraqaa feeloshiippii kamiin qaba? Nuyi wal ga'ii isaa keessatti iyyuu hin hirmaannu. Inni dachaa godaa sana akka dhaabatu goona, achitti beelaan haa du'u” isaan jedhu turan. Hubattanii? Biyyi lafaa sirriitti hin jijjiiramne, Siistemiin ishees akkasuma. Uhuhhuu. “Garuu dachaa godaa sana akka turu goona. Inni waan tokko illee…”

Maaliif akka inni sana hin goonee beektuu? Yaadadhaa, abbaan isaa luba. Garuu inni maaliif karaa abbaa ofii duukaa bu'uun ijoollee bara sanaatiif aadaa isa ture, karaa abbaa isaa duukaa bu'uu dide? Sababiin isaa, inni wanta caalu, Ergaa isa kan isaanii irra caalu of harkaa qaba. Akkumq Hafuurri Qulqulluun dubbate, inni Masihicha dura bu'ee karaa qulleessuuf dhufe. Daa'imni xiqqoon irraa hafte (remnant) sun Ergaa Gabri'eel fidee deebi'ee dhufeen akka dhalatu namoonni dachaa sanaa in beeku turan. Akka nutti himametti, inni umurii waggaa sagaliitti gara lafa onaatti bade. Abbaa fi haadha isaa dhiisee gara lafa onaatti gale, sababiin isaa, dhibbaa dhibbatti dhaga'uutu isa irraa eegama waan ta'eef.

Sababiin isaa, mana guddaa tiyooloojii jabaan ijaarame sana keessatti, silaa, “Egaa amma, Ati nama Masihicha akka beeksisuuf dubbatame akka taate nan beeka. Isaayaas dhufaa akka jirtu dubbateera, kanaafuu ati sagilcha (voice) ta'uuf deemaa jirta. Egaa amma, obboleessi keenya Joones dhibbaa dhibbatti ulaagaa sana in guuta jettee hin yaadduu?” isaan jedhu turan. Silaa innis salphaatti amansiifama ture.

Garuu inni gonkumaa siistemii isaanii hin baranne. Ergaan isaa baay'ee baay'ee barbaachisaa ture. Inni manaa ba'ee achi jiraachuuf gara lafa onaatti sokke.

47 Qalbeeffadhaa. Ergaan isaa kan warra tiyooloojiitiin kan wal fakkatu hin turre. Inni fakkeenyaan dubbachuutti gargaarame. Inni, “Isin ijoollee mar'ataa nana” isaaniin jedhe. Warra abbootii amantii sanaan, “mar'ataa” jedhe. Kunis wantoota gadhee, wantoota lafarra lo'an keessaa wanti jibbisisaan inni lafa onaa keessatti arge mar'ataa dha. Kanaafis inni, “Wantan beeku keessaa kanan isaanitti fakkeessuu danda'u mar'ataa dha” jedhee garaa isaatti yaade. Inni, “Isin ijoollee mar'ataa nana, dheekkamsa isinitti bu'uuf jiru jalaa akka baqattaniif, eenyutu isin yaadachiise? 'Nuyi kan kanaa ti, nuyi kan sanaa ti' jechuu hin jalqabinaa, Waaqayyo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinitti nan hima” isaaniin jedhe. “Dhagoota kanattii,” wanti inni holqa keessaa fi lafa onaa keessatti arge dhagaa dha.

Wanti inni lafa onaa keessatti itti gargaarame qottoo dha. “Ammuma iyyuu qottoon hidda mukaa irra kaa'amee jira;” wanta lafa onaa keessatti arge dubbate. “Mukti ija gaarrii hin godhanne hundinuu muramee ibiddatti in naqama” jedhe. Inni qoraan eessaa akka argachaa ture in beeka. Hubattanii? Ergaan isaa guutummaatti kan abbootii amantii (clergy men) irraa adda. Inni lafa onaa keessatti uumamaan wal qabsiisee waa barachaa ture.

Garuu inni Ergaa labsu of harkaa qaba ture, Ergaa isaattis amantii qaba ture, kanaafis, “Masihichi inni in dhufa jedhamee eegamaa ture kunoo amma isin gidduu jira. Inni ana booddee dhufu garuu ana irra in jabaata, anis kophee miilla isaatii illee baachuudhaaf nama ta'u miti; Inni Hafuura Qulqulluudhaa fi ibiddaan isin in cuupha” jedhe.

“Yohannis, eenyudhaa inni?”

“Anoo hin beeku.”

48 Garuu guyyaa tokko, Namni dargaggeessi namuma kaanii wajjin wal fakkaatu gara lagaatti gadi deema ture, Inni akkuma nama kamii kan fakkaatu ture. Inni callisee… Jaarsi, Yohannis Cuuphaan, raajii dullachi eebbifamaan achi dhaabatee, Yordaanosiin gama ilaala ture. Inni, "Ilaa Hoolicha Waaqayyoo, Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedhe.

"Yohannis, attamitti Isa beekta?"

"Isa lafa onaa keessatti bishaaniin akkan cuuphuuf anatti himetu, 'Nama Hafuurri irra bu'u arguuf jirta, Inni Hafuura Qulqulluun cuuphuuf jiru Isa Hafuurichi irra bu'e dha' jedhee natti hime."

Ergaan isaa ejjennoo tiyooloojii yookiiis sirna barsiisa (creed system) nam-tolchee wayii irraa dhufe miti. Inni kallattiidhaan Waaqayyo biraa dhufe.

Ergaan isaa baay'ee isaan hin raafne. Isaan, "Oo, inni Isa argeera jedhe. An kana baay'iseen mama. An waan tokko iyyuu hin argine. An ilaaleera. Oo, yaa anaa! An waa'ee isaa waan tokko iyyuu arguu hin dandeenye" jedhanii yaadan, lubootaa fi warra kaantu kana dubbate.

Garuu inni Isa in arge, nuyis attamitti akka inni Isa arge in beekna. Dhuguma, inni in arge. Garuu wanta inni argate in yaadattuu?

Inni gonkumaa hirrba keessaa isaan hin dammaqsine. Isaan akkuma duraatti kallattiidhaan itti fufan, akkuma amaleeffatan godhan, morma isaa irraa muran. Garuu inni raawwatee isaan hin dammaqsine.

49 Garuu inni warra irraa hafan (remnant) aragteera, warra Jireenyicha of keessaa qaban, garee nama muraasaa sana, Haannaa fi Simi'oon, akkasumas namoota muraasa warra Dhufaatii Gooftaa eeggachaa turan argateera. Haannaan dulluma irraa kan ka'e iji ishee kan hin argine, raajiittii kadhannaadhaan mana qulqullummaa tajaajiltu turte. Guyyaa tokko Hafuura keessa galtee utuu jirtuu…

Jaarsi lafa guure Simi'oon, "Masihicha Gooftaa hamman arguttu du'a ijaan akkan hin argine Hafuurri Qulqulluun natti dubbateera" jedhee raajii dubbate.

Maaliif jennaan, akkuma isin beektan, luboonni muraasni, "Jaarsi dulloomaan kun lafa guureera, isinuu beektu, kufuuf xinnootu isa hafe. Maaliif jennaan, miilli isaa tokko boolla keessa seeneera, miilli inni kaan immoo gara boollaatti mucucaataa jira. Maaliif jennaan, callisaatii isa dhiisaa. Inni jaarsa kabajaa ture. Amma garuu akka nama…" isaan jedhan.

Garuu, hubadhaa, inni maal godhe? Inni Hafuura Qulqulluudhaan isaaf ibsame.

Egaa akkaataan Inni galgala kana isin namoota as jirtanitti mul'ifame, akkataa isatti mul'isiifamee wajjin tokko. Hafuurri Qulqulluun sababa ta'e tokkoof asitti isin fide. Sababini ta'e tokko…Yaa Hafuura Qulqulluu! Mee lubootaa fi abbootii amantii asii warra Metedistii irraa, Baaptistii irraa, Kaatolikii irraa, fi iddoo hundumaatii dhufan kana ilaalaa. Isaan Hafuura Qulqulluudhaan sosochoofamii dhufan. Yerichi kunoo as jira. Isaan dheebotanii Isa barbaadaa waan turaniif, Hafuurri Qulqulluun isaan irra sosocho'e. Sana booda, callisanii…

50 Akkuma isin beektan, guyyaa tokko teelevizhiini qabaadhee hin beeku. Isa kanaaf Waaqayyoon nan galateeffa dha.

Kanaafis, isaan bukkee tulluwwan Yuhudaa jiru turan. Mucaan in dhalate. Urjiin in mul'ate tokko, wanti biroonis in ta'e.

Garuu guyyoota saddeet booda, haati isaa Muchicha wayyaadhaan martee gara mana qulqullummaatti fidde. Wayyaa itti martee fidde. Inni akka natti himametti…Isaan wanta isatti uwwisan ttokko illee hin qaban turan. Wayyaan Isatti maran sun akka natti himametti moofaa ciccitaa waanjoo sangaatti maramee turetu wayyaa Isatti marame sana ta'e. Kunoo egaa Yooseefi isaan Mucaa daa'ima sana fidanii dhufaa jiru.

Haadholii baay'een daa'ima isaaniitti wayyaa hodhame uwwisanii, waan baay'ee isaaniif guutanii duubaan fageenyarra dhaabatanii turan jedheen yaada. Haadholiin kun egaa, "Kuunnoo achi ilaalaa. Argitanii? Argitanii? Isheen kuunnoo achi jirti. Argitanii? Isheen namicha sanaaf ulfooftee turte. Kunoo ol galte. IShee irraa fagaadhaa. Fagaanya ishee irraa qabdan eeggadhaa" isheedhaan jedhu turan. Isaan amma iyyuu akkuma duraatti yaadu.

Garuu, Maariyaam Muchicha kaasuutti qabattee dhaabatti turte, wanti isaan yaadan dhagnarra ishee hin yaa'u ture. Mucichi Ilma Eenyuu akka ta'e isheen in beekti.

51 Namni Dubbii Sagalee Waaqayyoo laphee isaa keessatti fudhates akkuma ishee in godha! An wanta sirnoonni jedhanittii dhimma hin qabu. Inni maal akka ta'e in beektu. Inni abdii Waaqayyo abdachiise dha. Inni yummuu Humni Isaa isin golboobetti Hafuura Qulqulluudhaan kan isinitti mul'ifame dha. Inni garam akka jiru isin in beektu. Eeenyu illee duuba iddoo lafa onaatti uuxxii qoraattii boba'u sana keessatti, iddoo

lallaba sirna biyya lafaatiin nama duraa miliqsanii Isa ibsuun hin jirre sanatti, Waaqayyoon utuu hin argin Wangeela lallabuu hin danda'u. Isin iddoo sana turtan. Inni kun isin irratti raawwateera. An wanta sirnichi jedhuttii dhimma hin qabu. Isan dhuga baatuu isaa ti. Haaleluyyaa! Amma miira akka maanguddoo bifa gurraachaa isan waa'ee isaa dubbachaa ture sanaatu natti dhaga'amaa jira, “Utaalee burraaquuf iddoon waltajjii kanarraa nah in ga'u” jedhe, anis akkasuman ta'aa jira. Hubattanii? Amma yeroo kanatti, nama amantii (religious) ta'uutu miira kootti dhaga'amaa jira. Kana ta'uun koos waan sirrii dha. Waaqayyo, Ofii Isaatii isinitti mul'ise.

52 Simi'oon abdii Waaqayyo isa abdiichiise qaba ture. Guyyaa sana ganama, inni qo'annaa isaatti qabamee jira ture, Oo, ganama hundumaa daa'imman dhibbaatamatu gara mana qulqullummaatti fidama jedheen tilmaama. Yeroo sanatti Yihudoota miliyoona lamaa fi walakkaatu biyyicha keessa jiraataa ture waan ta'eef daa'imman kunneen gara isaatti fidamu turan, baay'eenis in dhalatu turan. Dhalatee guyyaa saddeetitti haadholiin hunduu daa'ima dhalate fidanii kennaa qulqulleessuuf kennamu qabatanii dhaqu turan. Egaa kunoo…Simi'oon achi taa'ee, tarii Macaafa Maramu isa kan Isaayaas dubbisaa jira ta'a. Isa kana hin beeku. Garuu hunduu altokkotti…

Egaa amma, Hafuurri Qulqulluun yoo kakuu isiniif gale, Hafuurri Qulqulluu kakuu sana in eega, kunis Inni dhuguma Waaqayyo yoo ta'e dha. Inni, yoo Inni…

Namni tokko wanta ta'e tokko dubbatee, Waaqayyo want asana hin deebisu yoo ta'e, wantichi jalqabuma iyyuu Dubbii Waaqayyo biraa dhufe miti. Isa irraanfadhaa. Inni wanti sun in raawwata jedhee dubbatee, amma iyyuu Waaqayyo hin deebisu yoo ta'e, wantichi amma iyyuu dubbii sobaa ti.

Sababiin isaa, Waaqayyo Ergaa Isaatti hiika godha. Inni Wanta Dubbate Ofii Isaatii hiika. Wanti Inni dubbatu in raawwatama, yeroo sanatti Waaqayyo, “Isa dhaga'i, wanti inni dubbatu Dhugaa waan ta'eef” in jedha. Wanti fudhatama qabu isa kana duwwaa dha. Inni in ta'a jedhee yoo dubbate, wantichi in ta'a. Yeroo hundumaa dhibbaa dhibbatti Dhugaa ta'uu qaba, sababiin isaa, Waaqayyo hin soba hin dubbatu waan ta'eef.

53 Kanaafis egaa kunoo Simi'oon achi taa'ee ari'atamuu fudhachaa jira. Inni haftee (remnant) ture. Inni Yohannisiin waan dhaga'eef haftee xiqqoo bara sanaa ture. Egaa inni achi taa'ee macaafa maramu sana dhaggeeffachaa ture, in beekas ture. Irran deebi'a, inni qaama warra hafan sanaa waan ta'eef, Yohannis dhufaa akka jiru in brrka ture. Sagalichi isaaf ibsameera. Hunduu altokkotti, yummuu Muchichi gara mana qulqullummaa dhufetti, Inni akka achi jiru mul'isuun hojii Hafuura Qulqulluu ti. Kanaafis inni, Hafuuraan geggeeffamee kutaa xiqqoo keessa taa'ee qo'achaa ture keessaa gadi ba'ee asii gadi gara galmaatti gadi bu'ee toora dubartoonni irratti argaman dhaqe. Kallattiidhumaan toora dubartootaa keessa darbee hamma iddoo Muchichi jiruutti in adeeme, hundumti isaanii isa duraa baqatan. Harka isaatiin Mucicha haammatee, “Yaa Gooftaa, garbichi Kee nagaan haa boqotu, iji koo Fayyina Kee argeera'oo” jedhe.

Yeruma sanatti nama bara sana keessa fo'atame keessaa tokko raajittii Haannaa turte. Isheen nama iji jaame turte, isheen galmicha keessaa gara boodaa teessi turte. Namni jaamaan sun lafaa ol kaate. Kunoo isheen Hafuuraan geggeeffamtee, dubartoota hundumaa fi namoota sonaan baay'ee alaa fi mana mana sagadaa guutanii jiran keessa baatee, deemtee kallattiidhaan iddoo Kristos Mucichi turetti ol dhaqxe.

Hafuurri Qulqulluu dubartii ija jaamaa gara Isaatti erga geggeessee, garee warra Pheenxeqoostaalii warra agartuu ijaa qabu jedhaman hoo? An fagoo hin deemu. Isinuu achirraa kaaftanii in bartu. Qalbeeffadhaa. Oo, yaa anaa! Waldaan attamitti ammas laaqii fokkisaa akkasii keessa seente, dhugaadha, bara sanatti laaqii fokkisaa keessa seente! Garuu akkuman dubbadhe, laaqiin sun haftee xiqqoo sana in dammaqse.

54 Amma mee namoota amanamoo haa taanu. Waldaa bara har'aa haala sana keessatti yoo argine, ammas deebinee bara sana irra geenyeerra moo hin geenye? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Amma egaa, mee wanta bara ammaa kana keessatti in ta'a jedhamee Macaafa Qulqulluu keessatti abdachiifame haa ilaallu. Wanta biyya lafaa keessatti ta'aa jiru in ilaalla, biyyi lafaa dhumarra akka jirus in argina. Amma mee waldaa keessa haa ilaallu.

Isheen, waldaan bara Luuther keessa ciniinsuu irra turte. Egaa akka Mul'ta Yohannis keessatti tuqametti baroonni waldaa torba akka jiranii fi waldoota torban kanaaf immoo ergamoonni (Messagers) torba akka jiran in beekna. Egaa amma, Luuter yeroo ka'etti, sochiin isaa waldaa guutummaatti ciniinsuu keessatti kuffise, garuu waldattiin Luuteriin in deesse. Kun sirrii dha.

Sana booda, isheen ammas ciniinsuu keessa buute, kanaafis Wesley in deesse. Inni kun sirrii dha.

Ammas ciniisuu keessa galtee, warra Pheenxeqoostee deesse.

Tokkoon tokkoon ergamoota baroota waldaa hunduu…dammaqsanii, gara Sagalichaatti, gara Ergaa bara isaaniitti, gara Ergaa akka abdii Macaafa Qulqulluutti dhufeetti deebisan. Boqonnawwan afran jalqaa Mul'ata Yohannis irratti ibsa (commentary) barreessee xumuraan jira. Yeroo dhi'ootti maxxanfamee waan

ba'uuf jiruuf fudhaatii dubbisaa. Innis ergaan Luuter, qajeelummaan maal akka ta'e; ergaan Wesley ee inni adeemsa da'umsaa isa itti aanu ta'e qajeelummaan maal akka ta'e mamii tokko malee kan mirkaneessu dha. Itti aansees warra Pheenxeqoostaaliitu dhufa, dhugaadhumatti.

55 Amma, qalbeeffadhaa, tokkoon tokkoon baraa waldaa naasisee ciniinsuu isheetti fida. Garuu isaan maal godhan? Erga ciniinsuun dhufee booda, Sagalichaa wajjiin deemuu mannaa akkuma warri jalqabaa godhan isaanis garee namootaa walitti qabatan. Kun dhugaa dha. Sana booda, yeroo dhufaa darbaa keessa namoota baay'ee arguu dandeenya, haaressitoonni (reformers) gurguddoon akka Agaabos jalqaba irratti ka'anii turan. Tokkoon tokkoon baraa keessatti hojjeteera, akkuma Walga'ii Niiqeyaan duraa fi Abbootii Niiqeyaa isa qo'achaa turtanii sanatti, isaan kun hunduu turaniiru. Waan hundumaa achitti argattu. Yeroo hundumaa yummuu ergamaan dhufee KANA GOOFTAATU DUBBATE jedhutti, tokkoon tokkoon baraa in raafama.

Egaa amma akka Caaffanni Qulqulla'aan jedhutti, isheen sadarkaa gadhee isa dhumaa, isa takkaa taatee hin beeknee keessa jirti. Nuyi bara waldaa Laa'odiiqeyaa keessa jirra, “Bara waldaa soorettii, garuu jaamaa taatee jaamummaa ishee immoo hin beeknee” keessa jirra.

Bara Laa'odiiqeyaa irraan kan hafe barri itti Kristos waldaa keessaa gadi baafame hin jiru. Isheen bara hundumaa irra gadhee keessa jirti. Isheen takkaa akkas tortortee hin beektu. Isheen garaa isheetti, “Ani mootuun addana nan taa'a, ani geessifadheera” in jetti jedha.

“Ati nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu.” Eeyyee, gooftaa. Inni, “Arguu akka dandeessutti, Ani ija kee akkan siif banutti, qoricha ijatti naqattu akka Ana irraa akka bitattu sin gorsa” isheedhaan jedhe. Inni dhugaadhumatti…Waldaan wanta Waaqayyo dubbatetti ija ishee banachuu yoo barbaadde, qorichi ijaa Waaqayyoo dhuguma Ifa waldaadhaaf in fida.

56 Qalbeeffadhaa, amma nan ariifadha. Amma, isheen sadarkaa sana irra jirti, gaaddidduu mamii garas jjirti. Bara waldaa Laa'odiiqeyaa keessa jirra.

Egaa amma, ergamaan Ishee Miilkiyaas boqonnaa 4 keessatti abdachiifameera. Inni kakuu sana raawwachuuf in dhufa. Ergichi immoo gara Dubbii Waaqayyootti in deebisa, Ergichi namoota gara Dubbii Sagalichaatti in deebisa. Da'umsi ta'uuf jira. Akkataa Miilkiyaas boqonnaa 4tti, isheen Dhala haaraa deessee ofkaluuf deemaa jirti.

Waldaa biyya lafaa bara ammaa keessatti caasaalee (systems) lamatu hojii irra jira. Amma sirriitti dhaggeeffadhaa. Amma egaa kana irratti akka isin, “ameen” jettanin barbaada. Waldaa biyya lafaa keessatti caasaalee lamatu hojjechaa jira. Isan of irratti baadhee jirun saggoo koo irraa buusa. Caasaaleen sunis Dubbii Waaqayyoo fi caasaa damee amanttii (denominational system) akka ta'e hundumti keenya in beekna. Caasaalee lamatu iddoo hojii jira. Isaan lachuu akkuma Esaawuu fi Yaaqoobi; inni tokka Hafuuraan inni kaan immoo fooniin geggeeffama. Innis immoo maali? Esaawuu fi Yaaqoob hamma yeroo dhalataniitti illee gadameessa haadhaa keessatti wal lolaa turan. Dameen amantii fi Sagalichis akkasuma, inni tokko isa kaniin mormee lola. Isan bara jalqaba Luuter haaromsa jalqabaa fidee kaasanii lolaa jiru. Isa kana akka salphaatti hubachuu dandeessu jedheen abdadha. Hubattanii?

Namoonni kun Kana fudhatanii Isaa wajjin yoo ba'anii deeman, isaan miira caalu Isaaf qabaachuu danda'u, hubadhaa, iddoo isin jirtanitti Isa geessuuf miiraa caalmaa qabu. Ani calliseen Sanyii kana facaasa, isaan immoo akka Jiraatu akka isa godhan nan abdadha. Qalbeeffadhaa.

57 Hubattanii?

Kun yeroo hundumaa ta'aa kan ture dha. Sababiin isheen ciniinsuu baattuuf, lolli ishee keessa waan jiruufi.

Esaawuu nama biyya lafaa, nama akka seera amantiitti jiraatu jira. Oo, hamman beekutti inni nama gaarii dha, hirmaattuu gaarii dha, xurii kan hin qabne, nama naamuusa qabu dha, garuu inni waa'ee Angafummaa waan tokko iyyuu hin beeku. Inni akka sanatti dhalate. Inni akka sanatti became.

Inni biraan immoo Yaa qoobi, inni maal akka ta'e irraa an dhimma hin qabu, inni Angafummaa sana barbaada. Inni nama hafuuraa ti.

Har'as isaan lamaan gadameessa waldaa keessa jiru. Caasaa (system) guddaa kaawunsilii Waldaalee Addunyaa (World Council of Churches) jedhamutu hundeeffamuuf yaalamaa jira. Egaa gadameessa waldaa keessaa ijoollee lama wal faana dhalachuuf deemaa jirti. Waanan dubbadhu kana sirriitti qabadhaa. Biyyi lafaa…

Sagalichi Waldaa Misirroo Sagalee godhachuu qaba. Waldaan gadameessa ishee keessaa baateetti, Isheen Misirroo Kristosi. Warri baroota hundumaa keessatti Sagalichaaf adda ba'anii du'an hunduu Misirrottii bakka in bu'u, akkuma isin miillaa kaaftanii hanga mataatti guddattanii in ta'a. Isheen guddachaa guddachaa in deemti, itti isiniif dabalamaa deema. Akkuma dhagni foonii keenya ol guddataa

deemu, Dhagni Kristoosis ol guddachaa deema. xumura irrattis Mataan isaa Isatti in kaa'ama, yoo in yaadattu ta'e Mataan Isaa Kristosi dha, sababiin isaa wanti hunduu Mataatti kan qabate dha. Mataan ofduuba galagaluu, fuulduratti dhiibuus kan geggeessu isa.

58 Garuu Sirnoonni sun Isa keessaa guddatanii hin ba'an, sababiin isaa, inni sirna, sirni Isa godhachuu hin danda'u. Inkirdaadi bissii qamadii godhachuu hin danda'u. Garuu lamaanuu lafa qonnaa tokko keessa jiru, lamaanuu bishaan tokkicha irraa dhugu, lamaanuu ifa aduu tokko irraa ho'a argatu. Inni tokko Sagalicha; inni kaan immoo Sagalicha miti. Lamaan isaanii wal lolaa jiru. Isaan bara haaromsa jalqaa irraa kaasanii wal lolaa turan, amma iyyuu wal lolaas jiru.

Amma egaa, waa'ee kanaa keessa gadi lixuun narra hin iraatu, narra jiraataa? Dhugaadha wantan dubbachaa jiru in beektu. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Eeyyee, gooftaa. Iddoo sana jirra. Iddoo sana, sirna sana keessa jirra. Ati sirna kam keessa jirta?

Amma egaa mee yaadaa, duuba deebitanii utuu baroota biraa keessa jiraattanii, bara naasisuun Waaqayyoo raajotaa fi Sagalichaan dubbatamu keessa utuu jiraattanii gara kamiin gortu?

Tole egaa, har'as filannoo tokkicha qabdu. Isheen duuuba sanattis guutuu Sagalichaa ta'aa turte, Sagalichi immoo Misirroo Sagalichaatiif dhufaa jira. Akkuma dubartiin dhagna dhiiraa taate, akkuma isheen isa irraa argamte, Waldaanis Waldaa Sagalicha eegdu in taati, Dubbii Macaafa Qulqulluu hunduumaa kan eegdu in taati; sirnoota, labsiwwan (dogmas), yookiin waan kan biraa Isatti hin dabaltu. Inni makaa kan hinqane, qulqulluu, Sagalee durba ta'e ta'uu qaba. Sirrii dha.

Bara Ifa Luuter keessa, bara waldaan humna Luuteritti danqaa taate dha. Isheen ciniinsuu keessa galte, innis dhalatee, “Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata. Kun irbaata qulqulluu miti” jedhe.

Amma immoo guyyoota Joon Wesilii haa ilaallu, Isheen ammas ciniinsuu keessa galte, garuu Wesiliitu dhalate. Garuu inni maal godhe? Akkuma haati isaa goote dudduubatti deebi'e.

Sana booda guyyoota warra pheenxeqoostaaliitti, haadholii fi abbootiin keessan want asana jibbanii isa keessaa ba'an. Isaan gara karaatti ba'an, haati keessan kofoo akka shurraaba miillaa kana hin uffanne, isaan xaasaa yeroon irra darbee fi gitaara moofaa durii fudhatanii waa'ee cuuphaa Hafuura Qulqulluu karaatti ba'anii haasa'aa turan. Isaan konkolaataa fi baabura uummata deddeebisu keessa ciisaa turan, isaan galgala hundumaa mana hidhaa keessa bulaa turan. Nuyi garuu baay'ee of qabne, nuyi gara jaarmiyaatti deebinee ofii keenya balfa laaqii duraan of xureessine. Isaan iddoo maatiin isaanii keessa ba'anitti, ijoollee isaanii harkisanii galchaniiru. Isaan awwaala keessaa ba'uuf jiru. Yeroo sanatti isaan isinitti in qaana'u. wanti kun cimaa akka ta'e nan beeka, garuu immoo Dhugaa dha. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

59 Ati, “Ati nama in jaallatan se'e” in jetta. Jaalalli kan nama hin sirreessine yoo ta'e, attamitti jaalala horuu dandeessa ree? Jaalli sirreessaa dha. An biyya lafaa nan jaalladhas…Ani hinaafaa waldaa Waaqayyoo ti.

Egaa sirnoota labsiwwan (dogmas) tti hidhamanii jiran kana yoo hubannee ilaalle, isaan tortoranii badaniiru. Waaqayyo Dhugaa Dubbii Isaa labsaa jira, isaan immoo amma iyyuu isatti qabamnii jiru. Ameen. [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Kun dhugaa dha. Obboleessaa, obboleettii, kun dhugaa akka ta'e in beekta. [“Ameen.] Inni salphaadhumatti Isa kana. Inni kun karaa salphaa ittiin waa'een Isaa namatti himamu dha. Inni Griikii fi wantoota kaan caccabsuu miti, caccabsanii miira walii gala (common sense) agarsiisuu dha malee. Dhugaadhumatti Isa hubattaniittu. Lamaa fi lama afur ta'a. Hubattanii? Egaa Inni kun dhugaa akka ta;e isin in beektu.

Egaa amma, Sagalichi dirqama Misirroo horuu qaba.

60 Sirni inni moofaan garuu fakkaattii isaa itti fufsiisuu qaba. Inni Esaawuu isa angafummaa isaa gurgure horuu qaba.

Kunoo natti dhufe. Natti dhaga'amaa jira. Inni maraatuudha jettanii garaatti ana hin yaaddan jedheen abdadha. Garuu yoon akkas ta'e, gadi na dhiisaa. Akkuma kanatti natti tola. Garaa biraa irra goruu koorra karaadhuma kanatu caalmaatti natti tola. Tarii an biyya lafaatti maraatuu fakkaachuun danda'a. Eessa akkan jiru nan beeka. Iddoo kam akkan dhaabadhee jiru nan beeka.

Ilaalaa. Isheen mucaa callisaan dhalatu (stillborn) godhachuuf deemaa jirti, sirni filoosoofii barsiisa kristaanummaa (ecclesiastical system) dameelee amantii hundumaa bakka tokkotti walitti fiduuf deemaa jira, kanas gochaa kan jiraniif Esaawuu isa Yaaqoobiin jibbu godhachuufi. Ameen. Mucaan cal'isaan dhalate, damee manatii du'aan, hundumti isaanii iddoo tokkotti gurmaa'uuf deemaa akka jiran in hubattu jedheen abdadha.

Oo, yaa warra Sagaleetti amanatanii, Ergaa koo fudhadhaa. Na dhaga'aa, Inni Ergaa koo miti, Ergaa Isaa isa Inni Dhugummaa isaa cimsee labsu dha malee. Isin iddoo tokko filachuu qabdu. Kana booda

cal'iftanii taa'uu hin dandeessan. Filannoon keessan eessa akka ta'e murteessuu qabdu.

61 In yaadattuu guyyaa tokko, dachaa Westiward Hootti ganama gaafa sanaa ciree irratti akkaataa Gooftaan qamadii sana akkan isinitti agarsiisuuf na abboome in yaadattuu? Attamitti akka inni karaa Luuteriin biqilee, bullaan daraaraa kormaa (tassel) Wesilii akka bakka bu'u, fi kana kan fakkaatan, dameelee xixiqqoon mikicha irraa fofoxxoqan warra isarraa foxxoqan ta'uu isaa isinitti agarsiiseen ture, waldaan hunduu maseena jirma boqqolloo bakka in bu'a. Yeroo sanatti Inni gara maasii qamadiitti gadi bu'e, akka waan inni jiruu, garuu inni qola qamadii ta'ee argame, inni yummuu ilaalan ija midhaan qamadii isa dhugaa fakkaata. Bakkee dhaabattanii yummuu ilaaltan, isin nama qamadii hin beekne taanaan, kuunnoo qamadiin argadhe in jettu, garuu inni qola qamadii ti. Erga bira geessanii booda qola qamadichaa yummuu bantan, guutumaan guutuutti qamadiin isa keessa hin jiru. Deebitanii yoo ilaaltan, lubbuu waan akka miciree xiqqoo dhufaa jirti argitu. Fuullee ijaa uffadhaatii isa ilaalaa. Egaa warri pheenxeqoostee jalqaba yeroo isaan keessa ba'anitti baay'ee isa dhugaatti siqu turan, Yesus Maatewos 24:24 keessatti, “Yoo isaaf danda'ame, inni warra fo'aman iyyuu in wallaalchisa” jedhe. Inni hijiin isaa maal ture? Inni ija midhaanii utuba. Sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Amma, bullaan daraaraa…

As ilaalaa. Baalli biqilaa ija midhaan dhaabamee biqilee hin fakkaatu, bullaan daraaraas akkasuma, garuu inni kun isa duraarra xiqqoo isa in fakaata. Qolli sanyii harka baay'eedhaan isa fakkaata, garuu amma iyyuu in qamadii miti. Inni baattuu qamadii ti.

62 Ergawwan kun attamitti ciniinsuu da'umsaatiin akka dhufan hin hubattanii? Garuu Lubbuun kallatiidhaan iddoo sana dhiisee ba'ee, gara ergaa isa itti aanuutti gale. Lubbuun jiraatu Luuter keessaa ba'ee, gara ergaa Wesiliitti gale. Inni Wesilii keessaa ba'ee, gara ergaa pheenxeqoostaaliitti gale. Amma egaa yeroon kun ammas kan isaa ti, inni qola sanyii keessaa ba'uuf deema. Rakkoon maali? Uumani jiru hunduu, bifa hundumaan kun Dhugaa ta'uu isaa labsaa jiru.

Amma maaliif akka waanan maraatuu ta'eetti yaaddanii na ilaaltu. Akkuman dubadhe, tarii maraatuu ta'uun danda'a. Garuu Wanta ta'e tokkotu na keessa jira. An Isa dhaabuu hin danda'u. An darbadhee lafa Isa kaa'uu hin danda'u. Inni gonkumaa filannoo kootiin hin dhufne. Inni Waaqayyo dha. Inni immoo Isa in mirkaneessa, Dhugummaa Isaa Inni in mirkaneessa, Inni Dhugaa godhee Isa in mul'isa. Luuter irraa, Wesilii irraa, pheenxeqoostaalii irraa, yookiin Baaptistii irraa, yookiin eenyu irraa illee haa ta'uu, akkan waanan dhimma isaan irraa qabaadhee isaaniin mormuutti ana hin fudhatinaa. An nama kamiin illee hin mormu. Wanti an ittiin mormu sirna (system), sababiin isaa Sagalichi isaan in morma; namoota sanaan morma miti. Lubootaa fi abbootii amantii har'a addana taa'aa jiran kana ilaalaa. Isaan utuu gara sirnichaa dhaggeeffataniiru ta'ee, silaa isaan asitti hin argaman turan, garuu isaan keessaa deemanii Isa fudhachuuf warra Dubbii Waaqayyootiif itti gaafatamummaa hunda duratti beekamaa ta'e (common audacity) warra qabani dha. Haaleluyyaa jechuun, “Waaqayyo keenyaa Si haa galatu” jechuu dha. Inni isin hin miidhu. [Namni ta'e tokko, “Ameen” jedhe.] Ameen jechuun, “Akkasuma haa ta'u” jechuu dha. Isa nan amana. Inni kun Dhugaa akka ta'e nan beeka nan amanas. Dhugummaan Isaa mirkaneeffameera. Tarii guyyaa ta'e tokko erga baay'ee isinitti barfatee booddee argitanii hubachuu dandeessu. Amma akeekkadhaa. Akeekkadhaa.

63 Macaafni Qulqulluun, “Haati Manaa Isaa Of qopheessiteetti” in jedha, kuni bara dhumaatti. Isheen maaliif Of qopheessiti? Haadha manaa Isaa ta'uudhaaf. Isheen maal hojjitti? Uffanni isheen uuffattee jirtu maali? Sagalee Isaa ti. Isheen Qajeelummaa Isaa uffatteetti. Uffatichi Isa kana. Kun sirrii dha. Hubattanii/

Mul'ata! Qalbeeffadhaa, amma xumuraan jira. Xumuruu kootiin dura wanta tokko dubbachuun barbaada. Kana akka dubbadhu kan na godhe Isa. Egaa, inni ISA GOOFTAAN DUBBATE dha. Namni tokko utuu Waaqayyo isa kana utuu hin jedhin, yaada mataa isaatiin lafaa ka'ee waa yoo hime, inni nama Waaqayyo malee jiraatu (hypocrite) yoo ta'u, isa kanaaf immoo qiliilleetti in darbatama. Sun sirrii dha. Inni gurmuu namoota argachuu barbaada yoo ta'e, namoota gaggaarii akka keessanii argachuuf yaalii godha yoo ta'e, inni maali? Inni seexana foon uffatee deemu dha. Waaqayyo ulfina isaaf hin kennu. Waaqayyo seexan yookiin soba in ulfeessa jettanii yaadduu? Lakki, gonkumaa. Hubattanii? Inni gubbee mataa isaanii irratti waan ol ba'uuf, isaan isa hin argan. Inni warra fo'aman harkisee in baasa.

64 Mee raajota baroota keessaa ilaalaa, attamitti akka isaan warra fo'aman argachaa turan ilaalaa.

Baroota hundumaa keessa gadi bu'aatii ilaalaa, gara haaromsaatti illee gadi bu'aatii ilaalaa. Akkuma isa waldaan Kaatolikii Roomaa qoricha namatti gooti (witch) jechuudhaan Jo'aan Aarkiin jiraatti gubdee ti. Kun sirrii dha. Booda keess garuu isheen akkas akka hin turre bira ga'an. Isheen qulqulleettii (saint) turte. Eeyyee, adabbii yaada garaa geeddarannaa (penance) isaan irraan ga'aniiru, reeffa lubootaa awwaala keessaa qotanii baasanii bishaan lagaatti guuraniiru. Garuu, isinuu beektu, garuu inni sun kitaabota Waaqayyoo keessa hin kaa'amne. Lakki. Isaan Qulqulluu Paatrik isa qofaa isaa hafes in waaman, inni nama akkuma koo kana qofaatti hafe ture. Kanaafuu, haa qalbeeffannu, mee ijoollee isaa ilaalaa. Mee iddoo inni jiraachaa ture ilaalaa, nama meeqatu ajjeefame. Seenaa wareegamtootaa ilaalaa, namoonni meeqa akka achitti ajjeefaman hubadhaa. Hubadhaa, inni akka sana miti.

Garuu yaadni namni dhi'eessu isa dhugoomuu hin danda'u. Wanta Waaqayyo mirkaneessutu Dhugaa dha. “Waan hundumaa qoraa, isa gaarii jabeessaatii qabadhaa!”

65 Egaa amma waa ilaalla, addanatti ji'oota muraasaan dura ganama gaaf tokko manaa ba'ee utuun deemaa jiruu mul'anni (vision) naaf dhufe.

Namni as jiru hunduu waan tokko akka jedhun dirqisisa, waggoota kana hundumaatti yeroo kamitti illee takkaa Gooftaan, “KANA GOOFTAATU DUBBATE” jedhi naan jennaan dubbadhee utuu hin raawwatin hafee akka hin beekne beekamaa dha. Nama meeqatu kun Dhugaa ta'uu isaa beeka? Harka keessan ol qabaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Sirrii dha. Namni waan kana faallessu dubbatu jiraa? [Obboleessi keenya Branhaam in callise. Waldaanis in callise.] Inni dhugaa dha.

Yaada keessan tokko illee ergamaa irra hin kaa'atinaa. Maalummaa Ergichaa irra ija keessan kaa'aa. [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Wanti ta'uu qabu isa kana. Hubattanii? Kan irratti xiyyeeffatamu ergamicha miti. Wanta xinnoo [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira] mataa moluu hin qalbeeffatinaa, isinuu beektu, inni nama, inni dhala namaa ti, hundumti keenya tokko, dhala namaa ti. Garuu wanta ta'aa jiru akeekkadhaa. Inni wanta isa labsu dha. An fuudhameen…

Egaa amma, namoonni wantoota garaa garaa akka dubbatan nan beeka, garuu baay'een wanta dubbatamu sanaa dhugaa miti. An wanta namni kan biraan dubbatetti hin gaafatamu. An wanta dubbadhettin gaafatama. An wanta Dhugaa ta'e duwwaan dubbadha, kana miti taanaan hin dubbadhu. Namni isa dubbadheef itti gaafatamu ana, waan namni kan biraan dubbatetti an hin fgaafatamu. An nama kamitti iyyuu hin faradu. An namatti faraduuf utuu hin ta'in Ergicha lallabuufan ergame.

66 Qalbeeffadhaa.

Fuul duratti Waldaan maal akka fakkaattun argan ture. An Nama ta'e tokko naman eenyummaa isaa arguu hin dandeenyeen butameen waan akka iddoo ol ka'aa irra kaa'ame. Achumaanis sagalee muuziqaa miidhaagaa kanan takkaa dhag'ee hin beeknen dhaga'e. Utuman ilaaluu gurmuun ijoollee durbaa kan umuriin isaanii naannoo digdamaa, kudha saddeetii, digdamaa ta'u as adeemu turan. Isaan rifeensa dhedheeraa kan qabanii fi qoloo (dress) gosa garaa garaa uffatanii turan. Isaan rukuttaa muuziqichaa irraa utuu hin kaatin isa duukaa tarkaanfatu turan. Isaan karaa bitaa kootii darbanii naannoo kanaan deemaa jiru. Anis akeekkadheen isaan ilaale. Sana booda namni natti haasa'aa jiru eenyu akka ta'e hubachuuf yummuun ilaalu, nama tokko arguu hin dandeenye.

Sana booda baandii gosa muuziqaa rook ende roolii (rock-and-roll) as dhufaa jirun dhaga'e. Yummuun gara mirgaatiin ilaalu, karaa kanaan, karaa boodaa kanaan, kunoo waldaalee biyya lafaatu as dhufaa jira. Tokkoon tokkoon isaanii erbee (banner) eessaa akka dhufan ibsu baatanii turan. Wantoota xuraa'ummdhaan dorgommii hin qabne kanan jireenya koo keessa arge keessaa tokko kana! Waldaan Amerikaa yummuu as baatu, an wanta gadhee akka ishee jireenya koo keessatti hin argine. Abbaan Inni Waaqa irraa abbaa firdii koo ti. Isaan gurdii (skirt) bifa bunaa qabu isa dubartiin gandarra labdu uffattu, isa dubartiin mana bunaa uffattu kan uffatnii jiran yoo ta'u dugdi isaanii, kanaa ol qullaa turan; waraqaa citaa bifti isaa gara bifa bunaatti siqu qabatanii turan, akka shubbisa huulaa (hula dance) shubbisu, halluu laaqqatanii, qumxaa uffattanii; rifeensa mataa muratanii, sigaaraa xuuxaa, dhodhommoqaa rukuttaa muuziqaa rook-ened-roolii utaalaa adeemu turan.

An immoo, “Sun waldaa Amerikaatii?”n jedhe.

Sagalee, “Eeyyee, ishee dha” naan jedhun dhaga'e.

67 Yeroo darbaa turanitti waraqicha akkasitti duuba isaaniiti qabaa darbaa turan.

An boo'uun jalqabe. “Dadhabbii koo hundumaa fi waana hojjechaa ture hundumaa” yaadachuuttin ka'e. Wanti nuyi tajaajiltoonni walii wajjin gochaa turre hunduu… Yaa obboloota koo, mul'ata kana hamma akka amantan an hin beeku; garuu inni anaaf Dhugaa dha. Dhugummaan isaa yeroo hundumaa mirkanaa'eera. Yummuun want asana argetti, wanta ta'aa jiru waanan beekuuf, onneen koo na keessatti akka dho'uu taate. “Maalan godhe? Attamittin isa dhabuu danda'e? Yaa Gooftaa, anoo Sagalee sanatti jiraadheera. Attamittan kan gochuu danda'e?”

“Ati maaliif dhi'oo kana mul'ata naaf laattee Achi keessatti of na argisiifte? Anis, 'Tole egaa, isaan in faradamaa?' jedheen gaafadhe, Inni immoo, 'Gareen Phaawuloosis akkasuma' naan jedhe. An immoo, 'An Sagalee isuma inni lallaben lallabe' isan jedhe” yaadachuuttin ka'e. Waldaan Kristiyaan Bizinesmeenii keeyyata isa baatanii turan. An immoo, “Maaliif? Kun maaliif akkas ta'a?” jedheen gaafadhe.

Gurmuun ejjitootaa sun akka sanatti deemaa, akka sanatti uffatanii, “Waldaa Aadde U.S.A” jedhamanii yummuu waaman nan arge. An of wallaaleen kufe.

68 Sana booda, kallattiidhumaan, sagalee muuziqaa gurratti mi'ooft sana ammas nan dhaga'e, kunoo Misirroo miidhagduun ishee duraatiin tokko taate ammas as adeemaa jirti. Inni, “Isheen kun ishee isaan

irraa adda baatu dha” naan jedhe. ISheen yummuu as adeemaa jirtutti, dhugaadhumatti Isheen Ishee jalqaba sagalee muuziqaa Sagalee Waaqayyootiin simatamtee suuta tarkaanfachaa turte sanaa wajjin tokko. Yeroon wanta sana argetti, an dhaabadhee harka koo lamaan ol qabeen akkasitti boo'aa ture. Yeroon dammaqee ofitti deebi'utti, balbala mana kootii jala dhaabdhee utuun dirree gamaa asii achi ilaaluun of arge.

Maal? Isheen Misirroo tokko (same) in taati, Misirroo gosa tokko in taati, meeshaaleen Isheen irraa ijaaramte isa Isheen jalqabaa irraa ijaaramtee wajiin tokko. Egaa amma Miilkiyaas boqonnaa 4 dubbisaatii, mee guyyoota dhumaa jala Ergaan akka nuuf hin ergamne ilaalaa, inni, “garaa ijoollee gara garaa abbootaatti in deebisa,” kan jedhu dha, kana jechuun gara Ergaa Pheenxeqoosxee isa jalqabaa (original Pentecostal Message) tti, Jecha Jechaan, in deebisa jechuu dha. Obbolootaa, nuyi guyyoota sana keessa jirra.

Egaa amma, waldaan kun milikkita arguu qabdi, innis milikkita isa dhumaa ti. Isa kana Caaffata Qulqulla'aa keessaa in arganna, amma hubadhaa, ciniinsuu jabaa bara Laa'odiiqeyaa keessa ta'aa jiru ilaalaatii hubadhaa. Inni waan nuffisiisaa dha. Waldaan isaanii lammata dhalachaa jirti. …miti.

69 Jaarmiyaan kan biraan gara fuulduraatti hundaa'u hin jiru. Yeroo ergaan dhufaa ture hundumaatti, akkuma namni hunduu beeku…Warra Seenaa baratan kan gaafadhaa. Erga ergaan tokko dhufee darbee booda, jaarmiyaatu isa keessaa ba'ee hundeeffama; Oo, Aleksaander Kaampibeel, kanneen biroo hunda, Maartiin Luuterii fi kanneen biroo ilaalaa. Isaan isa keessaa ba'anii jaarmiyaa hundeessan. Yeroo baay'ee ergaan tokko gara waggaa sadii duwwaadhaaf adeemsifama, haaromsi waggaa sadii qofaaf adeemsifama. Ergaan kun waggoota kudha shaniif adeemsifamaa jira, jaarmiyaan yookiin dhaabbanni isa keessaa ba'ee of hundeesse tokko illee hin jiru. Maaliif? Qolli sanyii isa gara dhumaa ti. Nuyi gara dhumaa jirra.

Ciniinsuu da'imsichaa hubattanii? Rakkinichi maaliif akka ta'e hubattanii? Hafteen (remnant) dhalatee keessaa akka ba'uufi. Egaa hafteen dhalatee bakkeetti in ba'a. sababiin an boo'aa, itti dadhabaa, dhiibaa jiruuf isa kanaafi, sababiin an faara tolaadhaan ilaalamuu nama biyya lafaa moggaatti dhiisee, faara tolaan ilaalamuu Waaqayyo biraa barbaacha Dubbii Sagalee Isaa walitti fufiinsaan sochoosaa jiruuf isa kanaafi.

Isheen ciniinsuu keessa jirti. Rakkoon kan ta'e isa kana. Isheen mucaa da'uu ciniinsifachaa jirti. Isheen tokko filachuu qabdi. Barreefni harkaa keenyan irra jira. Biyyi lafaa amma baduuf qophooftee xiqqoon akka ishee hafe in argina. Kun sirrii dha. Akkuma kana waldaa yoo ilaalle, isheen tortorteetti, isheen baduuf qophii xumuraa jirti. Ciniinsuun hundumaa qabateera, biyyi lafaas waldaanis ciniinsuu keessa jiru.

Biyya lafaa haaratu dhalachuufi, Waldaan haaraanis gara Miliiniyeemii deemuuf dhalchuuf deemaa jirti. Isa kana in beekna.

70 Ilaalaa. Waaqayyo…isheedhaaf kenne. Kana sirriitti dhageeffadhaa, kana isinitti himeen xuma. Milikkita ishee isa dhumaa, Ergaa ishee isa dhumaan isinitti hima. Milikkinni ishee inn dhumaa, isa isheen haala jalqaba keessa turtetti deebitudha; waldaanis, biyyi lafaas haala jalqaba turanitti yummuu deebi'an, kun milikkita isa dhumaa ti.

Jalqabatti, baroota Miilkiyaasii hanga Yesusitti jiran sana hundumaa keessa maal akka turte ilaalaa. Amma baroota sana hundumaa ilaalaa. Duuba deebi'aatii jal'ina isaan keessa galan ilaalaa. Lafti baroota hundumaa keessa maal akka turte ilaalaa, bara Nohii fi baroota biroo maal keessa akka isheen turte ilaalaa. Isheen haaluma sana keessa deebitee in galti, argaas jirra. “Akkuma guyyoota Nohitti ta'e.” Wantoonni kun hunduu ol guddachaa akka jiran in argina.

71 Itti aansinee milikkita dhumaa tokko in argina. Luqaas boqonnaa 17 lakkoofsa 28 irratti Yesus, “Akkuma guyyoota Sodoomiitti ta'e, guyyaa itti Ilmi Namaa mul'atuttis akkasuma in ta'a” jedhe. Akkuma Sodoom keessa ture in ta'a, hubadhaa. Egaa, Yesus Macaafa Qulqulluu isuma kana dubbise, Seera Uumamaa isuma nuyi keessaa dubbifnu kana dubbise. Amma sirriitti dhaggeeffadhaa, isin hin darbi. Macaafa Qulqulluu isuma nuyi dubbifannu, Yesusis dubbise. Inni Waldaa Isaatiin akkas jedhe, “Duuba keessan ilaalaa, guyyoonni Sodoom yummuu deebi'anii dhufan hubadhaa,” namoonni sun namoota karaa irraa jallatani dha, dhiironni karaa isa uumamaan isaaniif kenname in dhiisan.

Mee wal quunnamtiin saalaa saala walfakkaataa, bara har'aa attamitti guutuu addunyaatti akka babal'ataa jiru gaazexaa dhi'eenya kana ba'e irraa ilaalaa. Utuu biiroo koo dhuftanii xalayaa haadholiin ijoollee dhiiraa isaaniitiif barreessan fuutanii ilaaltanii in dinqifattu. Wal quunnamtiin saalaa saala walfakkaataa gidduutti godhamu gar malee dabalaa jira, qorannoo bara darbeetiin Kaalifoorniyaa duwwaatti dhibbeentaa digdama yookiin dhibbeentaa saoddoma waan ga'e natti fakkaata. Garee gurgoddoo…namoonni hojii mootummaa gurguddaa hojjetan illee wal quunnamtii saal-tokkee akka ta'an mirkaneeffameera. Isin hojjetoota mootummaa warri taatan isa kan in beektu. Gaazexaa keessan dubbiseera, wantoota garaa garaa keessattis ibsameera. Isin yoo…

[Obboleettiin tokko afaan haaraa dubbattee, hiika afaanichaas laatte. Isheen ammas afaan haaraa dubbattee, hiika waan dubbattees laatte. Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.]

72 Egaa, an Caaffata Qulqulla'aaf hubannaa sirriin qaba yoo ta'e, inni dhibbaa dhibbatti wanta Waaqayyo in ta'a in raawwatama jedhe dha. “Nmani afaan hin beekamneen dubbatu, isa dubbate sana hiikuu akka danda'uuf haa kadhatu.”

Wanti dubbatame dhugaa dha. Wantin isinitti hime Dhugaa dha, Waaqayyo immoo kunoo addana jira, Inni kunoo Isa mirkaneessaa jira. Inni Dhugicha. Kun dhugaa dha.

Amma ilaalaa. Ergaan xumuraa inni Yesus dubbate sun maali? “Akkuma guyyoota Sodoomitti ta'e,” amma akeekkadhaa, biyyi lafaa isheen kan Warra Saba Waaqayyoo hin jedhaminii (Gentiles) utuu ibiddaan gubattee hin badin jechuu dha. Amma hubachuu yaalaa. Maaltu ta'e? Gurmuu namootaatu ture, miseensa waldaa bu'aa'aa tu ture, namoota akka Loox fii garee isaatu Sodoom keessa ture. Namni duraan dursee ishee keessaa ba'e tokko immoo jira. Jalqabuma iyyuu inni ishee keessa hin turre. Innis immoo Abrahaam ture, inn Abrahaam nama kakuu ilma godhachuu qabu ture. Isinii galeeraa? “Ameen” jedhaakaa. [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Gaarii dha.

Egaa, utuu fiixeen badiisaa hin dhufin dura, Waaqayyo bifa baay'eedhaan Abrahaamitti mul'ate, addanatti garuu Inni bifa Namaatiin isatti mul'ate. Inni Nama ture. Inni gara Waaqayyotti ol dhufe.

Egaa amma, ati, “Inni Nama hin turre” jetta.

Waaqayyotu Namicha keessa ture. Abrahaam, “Elohim” Isaan jedhe. Inni Nama ture.

Egaa, ilaalaa, Inni dugda isaa godoo isaanitti gatee taa'ee, “Saaraan haati manaa kee eessa jiri?” isaan jedhe.

Inni immoo, “Isheen duuba Kee godoo keessa jirti” Isaan jedhe.

Inni, “Dhugaman siin jedha, waggaa har'aa akkuma har'aa kana gara keetti nan deebi'a, haati manaa kee Saaraan ilma in deessi” isaan jedhe. Saaraanis garaa ishee keessatti in saaqxe. Inni immoo, “Saaraa maaliif seeqxe?” jedhe. Hubattanii?

73 Egaa, kun wanta bara sana keessa ta'aa ture dha. Milikkita Abrahaam arge mul'isuuf, gareen warra Fo'amanii Sodoom keessaa dhiibamanii ba'an. Egaa amma, waan gootan hundumaatti dubbii fakkeenyaa kana hin dagatinaa. Gareen warra dhiibamanii baafamanii, jalqabuma iyyuu warra Sodoom keessa hin turre dha.

Garuu Ergamoonni lama gara Sodoomitti gadi bu'an. Isaan yeroo achitti gadi bu'anitti, Loox achi keessa jira. Yeroo sanatti Isaan haala naoota amantii irraa goranii kufanii, haala warra gadhoomanii nama gadhoomsanii (homosexuals) fi namoota karaa irraa jal'atanii keessatti isa argan. Seenaa kana in beektu.

Garuu Namni Abrahaam biratti hafe jira, Innis Elohim ture.

Isaan dachaa sanatti Dubbii Waaqayyoo lallaban. Dubbii Waaqayyoo lallabanii jaamummaadhaan isaan rukutan, jarris balbalicha arguu hin dandeenye. Wanti har'a ta'aa jirus isa kana.

Garuu Namni inni garee warra dhiibamee ba'ee wajjin ture, Inni Eenyu akka ta'e Abrahaamitti mul'isuudhaaf, Inni Isa Abrahaamii wajjin ture ta'uu isaa mul'isuudhaaf fuula Abrahaam duratti dinqii hojjete.

Waa'ee mucaa dhalachuuf jiruu ilaalchisee, “Saaraa maaliif seeqxe?” jedhee ishee gaafate. Saaraan immoo as baatee anoo hin seeqne jette. Inni immoo, “Garuu seeqxeetta” isheedhaan jedhe. Utuu isheen dhagna Abrahaam hin taane taatee, Inni silaa achumatti ishee ajjeesa ture.

Utuu nuyi dhagna Kristos hin taane ta'ee, Nuyis silaa Waaqayyo nu ajjeesa ture. Warra amantii hin qabee fi warra Dubbii Waaqayyoo jal'isan kanaa wajjin, hundumaa keenya qabee kan jiru araara (mercy) Kristosi.

74 Garuu qalbeeffadhaa, wanta raawwatame qalbeeffadhaa. Yesus amma of duuba galagalee, “Akkuma isa guyyoota loox keessa turee, guyyoota gara dhumaa yeroo Ilmi namaa Ofii Isaa mul'isuu jalqabuttis in ta'a” jedhe. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Hubattanii? “Ilma namaa” jechuun Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo hundaa raajii jechuu dha. Hubattanii? Inni Maqaa ilmaa sadi'iin dhufe. Innis: Ilma namaa, Ilma Waaqayyoo fi Ilma Daawiti. Hubattanii? Inni Maqaa Isaa, “Ilma namaa” jedhee Of waame, sababiin isaa, hojiin Inni hojjete hojii raajiin hojjetu, hojii ilaaltuu hojjetu waan ta'eefi. Inni, “Akkuma isa guyyoota Nohi turee, guyyoota dhumaa jala yeroo Ilmi namaa Ofii Isaa mul'isuu jalqabutti akkasuma in ta'a” jedhe.

75 Mee daqiiqaa xiqqoodhaaf itti haa yaadnu. Addunyaan kun ergamaa ergaa addunyaa guutuuf qabatee dhufe gonkumaa qabaattee hin beektu. Ergamoota guutummaa addunyaatti ciniinsuu kana keessa gara waldaatti ergaman kanneen akka Finneyi, Sankeyi, Moodii, Kinoksi, Kaalviinii fi warra kana

fakkaatan arganneerra. Garuu hanga har'aatti nama ergaa addunyawaa qabatee ba'e kan maqaan isaa h-a-m'n xumuramu tasumaa argannee hin beeknu. A-b-r-a-h-a-m, qubee ja'a irraa…A-b-r-a-h-a-m qubee torba (Ingiliffaan yeroo barreefamu) irraa ijaarame.

Bara kana keessa nama tokko arganneerra, innis G-r-a-h-a-m nama jedhamu yoo ta'u, maqaan isaa qubee ja'a irraa ijaarame, ja'a immoo lakkoofsa biyya lafaa ti, guyyaa namni itti uumame dha. Biyyi lafaa nama isheetti gadi ba'ee, kosmositti gadi ba'ee lallabee (kosmos jedhuun afaan Griikiitti guutummaa biyya lafaa jechuu dha), guutummaa biyya lafaatti gadi bu'ee, dachaa sanaa, “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, yaada garaa keessanii geeddaradhaa! Isa keessaa ba'aa, kanaa achii in balleeffamtu” jedhee akka ishee keessaa ba'anii namoota waamu, hanga har'aatti biyyi lafaa yoom argatte? G-r-a-h-a-m, waan inni hojjechaa jiru ilaalaa, Sagalee Waaqayyoo lallabaa jira, warra jal'oota ala jiran jaamsee, “Kottaa keessaa ba'aa” jedhee waamaa jira, inni ergamaa Waaqayyo biraa ergame dha. Yeroo Ilmi namaa Ofii Isaa mul'isutti taateen kun in ta'a jedhee Yesus dubbateera. Egaa amma, inni, eessatti ta'aa jira? Bakkee, ala seera waldaa sana keessatti, biyya lafaa keessatti ta'aa jira. Isa kanaafis, isaan nama kana jibbuu jalqaban.

76 Garuu yaadadhaa, akkuma sana gareen biraa, garee hafuuraa warri ta'an turaniiru, garee Esaawuu utuu hin ta'in garee Yaaqoob warra ta'an tokkotu ture. Garee Yaaqoob warra ilma barbaadantu jiru, iddoon isaan turanis Baabiloon keessa miti, egaa isaan Ergamicha in simatan. Hubattaniittuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Abrahaam, A-b-r-a-h-a-m, isaan Ergamicha simatan. Yerichi yeroo dhumaa ta'uu isaa mul'isuuf, wanti guddaan, wanti ajaa'insiisaan Ergamichi hojjete maali? Inni wantoota Saaraan sammuu ishee keessatti yaadaa turte argee bakkeetti baase.

Yesus, Ilmi Waaqayyoo inni foon uffates, Hafuurri Waaqayyoo bara dhumaa keessa deebi'ee Garee muraasa fo'atame keessatti akka bu'uu fi haaluma sanaan Ofii Isaa akka mul'isu agarsiisaa jira. Ciniinsuu da'umsaa! Oo, yaa obboleessa koo, maaloo hubachuuf dhama'i. Cimii dhama'i. Daqiiqaa tokkoof laphee keessan banaa. Gara Kristos ilaalaa. Waaqayyo innumti Sun kunoo amma nu gidduu jira. Inni nu gidduu jiru Isuma sana. Inni wantoota kana nu abdachiiseera. Inni waa yoo abdachiise immoo, dhugaadhumatti isa abdachiise in raawwata.

Mee yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi haa qabannu. Yaada cabaadhaan xiqqoo akka itti yaaddanin barbaada.

77 Yaa Abbaa, inni amma harka Kee keessa jira. An wantan gochuu danda'u hundumaa godheera. Sabni kun akka hubataniif akka isaan gargaartu Sin kadhadha. Sanyichi dhaabameera. Yaa Gooftaa, bishaanicha, Hafuuricha Isa obaasi, ulfina Keef jedhii Isa obaasi. Yaa gooftaa, dogoggoreera yoon ta'e, beekaa miti. Yaa Waaqayyo, akka isaan ilaalanii Isa hubataniif, keessa laphee isaaniitti akka isaaniif hiiktuufin Si kadhadha. Yaa Gooftaa, isa kana nuuf raawwadhu. Maqaa Yesusinan Si kadhadhaa. Ameen.

Gooftichi isin haa eebbisu. Isinan jaalladha. Waaqayyo Kana isa Sagalee kana lallabetu, Sagalee kanaaf kan itti gaafatamu Waaqayyo kana… Ani harkaa fuudhee Isa dubbachuu duwwaadhaafin itti gaafatama. Namni lubbuu itti godhee Isa jiraachisu Isa dha. Waaqayyo Innumti sun kunoo as jira.

Amma nama meeqatu furmaata barabaada? Harka keessan ol qabaa. Inni guyyoota gara dhumee keessa wantoota kana gochuuf abdachiiseeraa? Amma isin gara koo ilaalaa. Egaa amma akkuma isa Phexrosii fi Yohannis, “Nu ilaali” jedhanii ti. Akkawaan… Hubattanii? Inni isatti dubbate. Amma isinis gara kana ilaalaa. Egaa amma, adaraa naannoo jiratnii hin socho'inaa. Inni kun baay'ee… An laphee koo guutuudhaanin dhama'aa jira. Callisaatii nama yaada cabaa ta'aa. Hubattanii? Tokkoo tokkoon keessan, yeroo hafuura tokkoon deemaa. Eeyyee, isin gamtaa tokko. Amantii namoonni qaban qoree ilaaluufan deemaa jira.

Dubartittiin dhiigni ishee dhangala'aa ture sun shaashara wayyaa Isaa tuqxee dhaqxee teesse. Yesus immoo wanta ishee rakkiisaa ture isheetti himee, ishee fayyise.

Egaa amma deebi'ee fayyina sana nu gidduutti akka godhu, Inni nu abdachiiseera, Ilmi namaa akkuma Sodoomitti Ofii Isaa mul'ise, ammas Ofii Isaa in mul'isa. Biyyi lafaa haala sana keessa jira. Waldaan haala sana keessa jirti. Amma Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa eegeeraa? Eegee fi eeguu dhiisee Isaa amma ilaalaa. Oo, milikkitoota garaa garaa, utaaluu, afaan haaraan dubbachuu, raajii dubbachuu fi wantoota kana fakkaatan qabaachaa turreerra. Garuu, eegaa, milikkinni kan biraan jiraa. Oo, wanta itti fakkeessanii fooniin hojjetan baay'eetu jira. Inni kun inni dhugaan sun sirriitti ifee akka mul'atu in taasisa. Doollaarri sobaa kam iyyuu doolaarri inni dhugaan akka ifee mul'atu taasisa.

78 Isin kadhadhaa amma. Isin amanaa amma. Amma isa kana akka gootan isinittan hima. Isin sirriitti ilaalaa, waanan isinitti himes amanaa.Kun Dhugaadha jedhee nama meeqatu amana? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Eenyummaa keessan eeggadhaa, iddoo jirtan eeggadhaa. An callisee…

Hangan beekutti, Biil Daawuchi fi haadha manaa isaa, warra kuunnoo achi taa'aa jiran irraan kan hafe hundumti keessan iyyuu anaaf haaraa dha. Lallabaa gaarii, nama Jarman irraa dhufe kana waanan beeku

natti fakkaata. Akkasuma, obboleessa sana, namoota lamaan sadan tokko kanneen achi taa'aa jiran waanan beeku natti fakkaata.

Namni taate tokko kuunnoo hirmaattota keessa jirta, duuba sanaan jirta. Wantan dubbachaa ture Dhugaa ta'uu Isaa akka amantuuf si qoruun barbaada.

Waa'een isa Ergamaan Gooftaa sun gadi bu'ee laga sana gamatti waggaa soddomii sadii dura dhufee yaadachiisa kana fidee hoo? An attamittan beekuu danda'e?

Paasteeriidhumti koo, paateriin waldaa Baaptistii waldaa keessaa na arai'ee, “Biilii, ati qijatii (nightmare) qabda” naan jedhe.

An immoo, “Dokter Deevis, an qijatii tokko iyyuu hin qabu. Inni kun karaa ati itti yaadde dha, kun ilaalalcha kee ti, tarii asi akkasuma kaardii feeloshiippii koo fudhachuuf jirta”n isaan jedhe.

Namni amanu iddoo ta'e tokko, nmani Isa amanu iddoo ta'e tokko jira jedheen amanan ture. Namni Ergicha amanu utuu hin jiraatin Waaqayyo Ergaa hin ergu.

Oo, yeron warra dhukkubsataniif kadhachuuf achi ba'u, baay'ee itti gammaddu. Garuu yeroon Dhugummaa Dubbii Sagalee Waaqayyoo dubbachuu jalqabutti, in jijjiiramtu. Kana beekuu qabdu. Ergaan hunduu haala kana keessa darbaa ture.

79 Yesus yummuu waldaa dhaqee namoota fiyyisaa turee fi waan hundumaa hojjechaa ture baay'ee dinqisiifatan. Garuu guyyaa tokko yummuu inni gadi taa'ee, “Anii fi Abaan Koo tokko” jedhetti, Oo, Isarratti gunguman. “Dhuguma dhuguman isiniin jedha, isin foon Ilma namaa yoo nyaachuu dhaabaattan, Dhiiga Isaas yoo dhuguu dhaabaattan, Jireenya of keessaa hin qabdan.” Inni Isa kana isaaniif hin ibsine. Inni nama Isa duukaa dhaabtee jiru baruu barbaade. Sirrii dha.

Namoonni sonaan baay'een, dokteeronnii fi namoonni biroon sun, maal isaan jedhan jettanii yaaddu, “Namichi kun…Maaliif jennaan, Inni bulguu (vampire) dha. Foon Isaa nyaadhaa, Dhiiga Isaa dhugaa jechuun maal jechuu dha?” Inni gonkumaa inbsa itti hin laanne. Inni raawwatee isaaniif hin ibsine.

Garuu, amma iyyuu, ergamoonni sun Dubicha fudhataniiru. Isaan dhimma isaa hin godhanne. Isaan Isa hin hubanne. Isaan gaaffii tokko malee Sagalee dubbatame sanatti amanan. Hubattanii? Isaan baraniiru, sababiin isaa, hojii Waaqayyoo arganiiru, kanaafis isaan hiika isaa baraniiru. Yesus, “Caaffatoonni sunis immoo Anaaf dhugaa in ba'u” jedhe.

80 Addanaa dhiira tokko, dubartiin iddoo sana teessee jirtu, harka ishee ol qabdeetti. Egaa amma, yoo barbaaddan maraatuu jettanii na waamuu dandeessu; garuu Utubaan Ibiddaa innumti lafa onaa keessa Israa'eliin geggeessaa ture, dubartii sana gubbaa jira.

Egaa amma, yaadadhaa, Yesus, “Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee Ana hin argu, isin garuu Ana in argitu. Ani Waaqayyo biraan dhufe. Ani gara Waaqayyoo Nan deema” jedhe, kanas du'ee awwaalamuu Isaatiin booda dubbate. Inni warra Yihudotaatti kana dubbate. Inni, “Ani…” isaaniin jedhe.

Inni Kattaa lafa onaa sana keessa ture dha. Inni Utubaa Ibiddaa isa, “ANI, 'ISA JIRAATAA DHA (I AM THAT I AM' jedhe” sana dha. Inni “ANI” jedhee dubbate sun eenyu? Utubaa Ibiddaa isa wuuxxii qoraattii keessaa boba'u Sanatu jedhe. Sirrii dhaa? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Isumatu foon uffatee nu gidduu buufate. “Ani Waaqayyo biraan dhufe, gara Waaqayyottis Nan deebi'a, bifa Hafuura Qulqulluutiin immoo deebi'ee Nan dhufa” jedhe.

Akkuma jedhe immoo, Inni kunoo as jira, Inni kunoo nuu wajjin jira, qorattoonni saayinsii suuraa (scientific pictures) Isa kaafataniiru. Waan hundumaa saayinsii suuraa caalmaatti mirkaneessuuf, kunoo Inni addana jira. Isa mirkaneessuuf Inni addana jira, Suuraan kaafame sunis immoo dhugaatti Isuma. “An Ilmi namaa, guyyaa kanatti Nan mul'ifama.” Egaa, Inni kuunnoo achi jira. An kallattiidhaan Isa argaan jira.

Ati, “Ati Isa in argitaa?” in jetta. Yohannis akkuma koo Isa argeera, garuu warri isaa wajjin turan hunduu Isa hin argine.

81 Ilaalaa, amma as jiraachuu Isaa nan mirkaneessa. Dubartiin sun anaaf nama haaraa dha. Jireenya koo keessatti, an gonkumaa ishee argee hin beeku. Garuu isheen luka ishee keessaa tokko rakkoo waan qabuuf, waa'ee isaatiif kadhachaa turteetti. Inni…Kun sirrii dha, giiftii koo. Yaaliin baqaqsanii hodhuu lukichaa siif godhamee ture. Amma abbaan manaa kee sitti aanee garasiin taa'aa jira. Ati nama kutaa biyya kanaa irraa dhufe miti. Ati Kaalifoorniyaa irraa dhufte. Maqaan kee Roolaandii jedhama. Dhukkubni garaachaa kees, gooftaa, akkasuma xumura argateera. Ati dhukkuba garaachaa qabda. Qabda mitii? Tole, inni guutummaatti sirraa godaaneera. Miilli kee siif fayyeera.

“Guyyaa Ilmi namaa…”

Addana, namichi tokko kallattii kanaan duuba sana, kuunnoo achi taa'ee jira. Inni nama bifa

gurraachaa ti, inni rakkoo ijaa qaba. Inni…Eeyyee. Inni hojii konkolaataadhaan wal qabatu hojjeta, hojiin isaa konkolaataa miicuu dha. Sirrii dha. Iji kee kan gara rakkoo hamaatti deemaa jiru dha. Ati amma amanteetta, hin amannee? Wanti haaraan sirratti ta'ee hin beekne amma sirratti in ta'a. Maqaan kee Fred jedhama. Kun sirrii dha. Maqaan akaakayyuu keetii Coonii jedhama. Kun sirrii dha. Amma hin amannee? Iji kee kana booda si hin dhiphisu. An jireenya koo keessatti raawwadhee isaan argee hin beeku.

82 Namichi tokko duuba sana jirta, innis nama naannoo kanaa dhufe miti. Inni Kaalifoorniyaa irraa dhufe. Obbo Oowensi, dhukkubbii dugdaa qabda. Namni itti dubbachaa jiru si. Gooftaan Yesus si fayyisa. An jireenya koo keessatti nama kana argee hin beeku, waa'ee isaas waanan beeku tokko illee hin qabu. An calliseen gara Ifichi itti deemu duukaa bu'a.

“Nama amanuuf wanti hunduu in danda'ama.”

Mucaan xinnaan as keessa teessee jirtu dhukkuba heerniyaa (hernia) qabda. Namni kun fuullee ijaa fi suufii bifa bunaa uffattee jirta. Freed, amanteetta yoo ta'e Waaqayyo si haa eebbisu. In amantaa? Tole egaa. An jireenya koo keessatti isa argee hin beeku.

Adde Hoolden jedhamti, isheen kuunnoo isa garasiin teessee jirti, isheen dhukkubbii ijaatiin dhiphachaa jirti. An dubartii kana hin beeku, an takkaa ishee argee hin beeku, garuu wanti kun dhugaa dha. Hubattanii? “Yoo in amanta ta'e.”

Obboleettii koo, maaliif boossaa? Ati rakkoo ciccituu narvii qabda, rakkoo ujummoo argansuu fi dhibee onnee qabda. Waaqayyo akka si fayyisu in amantaa? Isheen teessuma isa dhumaa boodaa sanarra teessee jirti. Ati garaa kee guutuudhaan in amanta taanaan Yesus Kristos si fayyisa. Wanti si nannaasisu hunduu si dhiisee in sokka, iddoo fayyaa keetii duriitti utuu deebituu of irratti in argita. Seexanni si sobaa jira. Amanteettaa? Amma harka kee ol baasiitii akka jedhi, “An Isatti nan amana.” Tole. Inni raawwatameera.

83 Maal? Waldaan kun ciniinsuu keessa jirti. Amma utuu Fuula Isaa duratti filannoo keessan hin keessanii? An gutumaan guutuutti Sagalicha isinitti agarsiiseera, Inni wanta dubbate in raawwata.

Ijaarsa mana kanaa hundumaa keessa secha'atii nama nama itti bu'amee beeku, yookiis nama itti dubbatamee, yokkid waan barbaade iyyuu haa ta'uu, akkan isaan beeku, yookiis akkan waa'ee isaanii beeku gaafadhaa. Namni foonii kana gochuu danda'a jettanii yaadduu? Kun raawwatee namaaf kan danda'amu miti.

Gaaridha egaa, Inni maali? Inni Ilma namaa ti. “Dubbii Waaqayyoo billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba; Inni hafuuraa fi lubbuu, lafeef dhuka, yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduu in danda'a.” Dhibbaa dhibbatti akkuma isa yeroo foon uffatee, Ilma Waaqayyoo ta'ee lafa kana irra dhufeetti, amma s Ilma Waaqayyoo ta'ee mul'achaa jira, Inni akkasitti Misirroo Isaa sirnicha keessaa waamee baasuuf dhufeera. “Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba'aas; wanta xuraa'aa isaanii harkaan hin tuqinaam, Anis isininan simadhaa, jedha Waaqayyo.”

Guutumma jireenya keessani Waaqayyotti dabarsitanii kennuuf qophooftaniittuu? Qophooftaniittu yoo ta'e, ol ka'aa dhaabadhaatii, “Amma battala kanatti, ayyaana Waaqayyootiin, wanta na keessa jiru hundumaaf Isa fudhadheera” jedhaa.

84 Haaleluyyaa! Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Isatti in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Yoos egaa harka keessan ol qabaatii anaa wajjin kadhadhaa.

Cubbuu keessan himadhaa. Ciniinsuu da'umsaa! Du'uun ulfaataa dha, garuu amma battala kana du'aa. Du'uun, amanuu diduu keessa ba'uu dha. Isa keessaa ba'aa. Inni kun akkuma isa yeroo Yesus gara biyya lafaa dhufee, mul'ina Sagalee Waaqayyoo ti. Yesus Kristos ammas dhufee isin gidduu jira, jiraachuun Isaas mirkaneeffameera.

Abrahaam battaluma sanatti ilma argate, battaluma wanti sun ta'ee darbeen, Abrahaam ilma abdachiifame sana argate.

Yesus immoo deebi'ee dhufaa jira. Inni sun Hafuura Isaa ti. Inni baay'ee gara lafaatti dhi'aateera, Inni dhufuudhaaf baay'ee as dhi'aateera, kana jechuun immoo isin Isa simachuuf qophooftaniittu taanaan, Inni isin simachuuf qophaa'eera jechuu dha.

Amma harka keessan ol qabaatii anaa wajjin kadhadhaa.

85 Yaa Waaqayyo Gooftaa, luboonni hunduu iddoo aarsaatti walitti haa qabaman. Sabni iyyee haa boo'u. Yaa Gooftaa, sabni kun addana Jiraachuu (Presence) Waaqayyo Isa jiraataa fi Isa hundumaa danda'uu akka beekaniif, Utubaan Ibiddaa fi Utubaan Duumessaa isaan gidduutti sosocho'ee isaan haa dammaqsu. Yaa Gooftaa, kadhata keenya nuuf dhaga'i. Yaa Gooftaa, isaan simadhu. Kadhannaa kana Maqaa Yesus Kristoosiin tokkoon tokkoon isaaniitiif kadhadheera.

Yaa Gooftaa, tokkoon tokkoon warra Hafuura Qulqulluun hin guutamin jiranii, Hafuura Qulqulluudhaan guuti. Yaa Gooftaa, duulli haaromsaa kun, wal ga'iin keenya kun, yeroo human guddaadhaan Hafuurri Qulqulluun cabee gadi itti dhangala'u nuuf haa ta'u. Warri dhukkubsatan haa fayyan, jaamaan haa argu, naafti diriiree haa adeemu. Amma waaree booda kanatti, mul'inni (manifestation) Waaqayyoo jiraataa fuula saba kanaa duratti haa aragamu, isaaniis isa haa fudhatan, isa haa simatan. Maqaa Yesus Kristoosiinan Si kadhadha.

Amma harka keessan ol qabaatii ulfinaa fi galata Isaaf kennaa, achumaanis wanta kadhattan fudhadhaa.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7